

**XIINXALA ASOOSAMA *BOOREE* IJA YAAXXINA
MAARKISIZIMIITIN**



QORATAAN: SAAMU'EEL DAANI'EEL.

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROM
OOFI OGBARRUU BARSII SUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUN
IVARSITHI JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAA
NIITIITTI, MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE**

QEEQA SEENAWAA ASOOSAMA DHEERAA SHIRA

QORATAAN: DIRRIBAACHOO BASHAA FARADAA



**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUUTIINGUUTTACHUUF
QOPHAA'EE, YUUNIVARSITI JIMMAA, KOOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAA FI HUMAANITIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI
OGBARRUUF DHIYAATE**

HAGAYYA, 2014/2022

JIMMAA, OROMIYAA

JIMMA, OROMIYAA

HAGAYYA, 2014

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROM
OOFI OGBARRUU BARSII SUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUN
IVARSITHI JIMMAA KOLLEEJJII SAA YINSII HAWAASA AFI HUMAA
NIITIITTI, MUUMMEE AFAAN OROMO OFI OGBARRUUF DHIYAATE**

XIINXALA ASOOSAMA *BOOREE IJA YAAXXINA* MAARKISIZIIMIITN

QORATAAN: SAAMU'EEL DAANI'EEL

GORSAA DURAA: TAAYYEE GUDDATAA (PhD)

GORSAA AANTEE: ALAMAAYYOO FAQQADAA (PhD)

**HAGAYYA, 2014
JIMMA, OROMIYAA**

Yuunivarsiitii Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi Ogbarruu barsiisuutiin guuttachuuf, Saamu'eel Daani'eel mata duree: Xiinxala Asoosama Dheeraa BooreeIja Yaaxxina Maarkisizimiitiin jedhurratti sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa Duraa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa Aantee _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa Muummee yookiin walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaan koofi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaakoo ta'uusaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuuniversity kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta'uusaafi yaadan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa Qorataa: Saamu'eel Daani'eel

Mallattoo_____

Guyyaaa_____

GALATA

Duraan dursee asiin gahee qorannoo kana akkan gaggeessuuf kan na gargaare waaqayyoof galata guddaan galcha. Itti aansuudhaan immoo kaayyoon qorannoo koo akka galmaan gahuuf jalqabaa hanga dhumaatti yeroo isaanii osoo hin qusatiin gorsaafi deggersa ogummaa kan naaf kennaa tur an gorsaa koo Taayyee Guddataa (PhD) tiif galanni koo guddaadha. Akkasumas, beekumsaafi da ndeettii qabaniin yeroo isaanii aarsaa godhanii kan na gorsan Alemaayyohu Faqqadaa (PhD) tiif galatoomaan jedha. Akkasumas, maatii koo deggersa maallaqaa naaf godhaniif galataafi kabajan qabu ibsaa waaqni umurii dheeraa akka isaaniif kennun hawwa. Dabalataanis, hiriyoota koo deeggarsa yaadaafi ogummaa qabaniin na deggaraa turan hundaaf galatan qabun ibsa.

AXAREERAA

Qorannoon kun mata duree xiinxala asoosama 'Booree 096' ija yaaxxina Maarkisiziimiin kan jedhu irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoon gooroon qorannoo kanaas qeeqa maarkisiziimiirratti hundaa'uudhaan asoosama 'Booree 096' xiinxaluudha. Qorannichaaf ka'umsa kan ta'e qeeqa gama Maarkisiziimiin asoosama kana namni xiinxale waan jiru hinfakkaatu waan ta'eef. Dabalataanis, asoosamni filatame kun yeroo dhiyoo asitti waan barreeffameef qorataan ka'umsa godhateera. Gosti qorannoo qorataan gargaarame qorannoo akkamta yookiin qulqull eeffataati. Odeeffannookun madda raga tokkooffaa irraa kan fudhatameedha. kanas, mala sakatta'insa kitaabaatiin kan funaanameedha. Kunis, mala akkamta fayyadamuuni. Saxaxa ibsaan ibsamee kan dhiyaateedha. Haaluma kanaan Asoosama afaan Oromoo barreeffamanii jiran keessaa 'Booree 096' filachuun, gaaffiiwwan gama caasaa gitoota garaagaraa, hakuucmaa hawaas-diinagdee, waldhabdee gita hirree qabuufi gita hakuucamaa gidduu jirufi aangoo siyaasaa qabachuun diinagdee kan of jala galfatan eenyu akka ta'an adda bahaniiru. Bu'uuruma kanaan xiinxalichi qabxiilee tarreeffaman kana jalatti hafeewwan adda addaa asoosamicha keessaa kan fudhateedha. Kanaafuu, bu'aan qorannichaa tarsiimoo qindaa'a qabatani tokkummaan socho'uun milkaa'ina egeree saba Oromoo akka fidu, Uummanni Oromoo gama hundaan qabsoo hanga wareegama lubbuutti jedhu qabatee kan deemu yoo ta'e bilisummaa hawwu akka bira gahu, Uummanni Oromoo humna qabu maraan yoo barate, barnootaan, teeknoojiidhaan, qonnaafi guddina garaagaraan abdi onnachiisaan akka fidu, baroota hedduuf mootummaan biyya kana bulchaa tureefi har'as bulchaa kan jiru jijjiirama misoomaa kan hinfinne ta'uu, garagarummaan deggersa tajaajila hawaasaa kan jiru ta'uufi ilaalcha mootummaan illee hawaasni dagataman jiraachuudha. Kanaafuu, argannoowwan eeraman kana irratti hundaa'uun hayyoonni Oromoo bifa adda addaatiin dhimmoota kana fakkaatuun asoosamoota kanas ta'ee, kitaabota biroo irraatti qorannoo bal'aa gaggeessuun hawaasni akka irraa baratuuf namni hunduu gahee isaa akka bahu gochuun gaarii ta'a kan jedhu yaada qoratichaati.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
GALATA.....	i
AXAREERAA	ii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1 Seenduuba Qorannichaa.....	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa.....	3
1.3 Kaayyoo Qorannichaa.....	6
1.3.1 Kaayyoo Gooroo.....	6
1.3.2 Kaayyoo Gooree	6
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa.....	7
1.5 Daangaa Qorannichaa	7
1.6 Qindaa'ina qabiyyee qorannichaa	8
1.7 Hanqina qorannichaa.....	8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA 'A BARRUU WALFAKKII.....	10
2.1 Maalummaa Ogbarruu.....	10
2.1.1 Gosoota Ogbarruu.....	11
2.1.2 Asoosama.....	11
2.1.3 Gosoota Asoosamaa.....	13
2.1.4 Asoosama dheeraa	13
2.2 Maalummaa Qeeqa Ogbarruu	13
2.3 Faayidaa Qeeqa Ogbarruu	15
2.3.1 Asoosamaafi hawaasummaa	17
2.3.2 Asoosamaa fi Diinagdee	17
2.3.3 Asoosamaafi siyaasa	17
2.3.4 Dhiibbaa Gita Cunqursaafi Cunqurfamaa.....	18
2.3.5 Waldiddaa Garee Hawaasaa.....	19
2.4 Qeeqa Maarkisizimii	20
2.5.1 Bu'uuraafi Caasaa Maarkisizimiin Irratti Hundaa'e	23
2.5.2 Diinagdeefi Qeeqa Ogbarruu Maarkisummaa.....	23

2.5.3 Ilaalchaafi Ogbarruu Maarkistotaa	23
2.6 Yaadiddamni markistii qabxiilee inni irratti xiyyeeffatu	24
2.7 Sakatta'a Qorannoolee Walfakkaatanii	24
BOQONNAA SADI MALLEEN QORANNICHAA	26
3.1 Saxaxa Qorannoo	26
3.2 Gosa Qorannichaa	26
3.2 Madda Raga Qorannichaa	26
3.3 Iddattoofi Tooftaa Iddatteessuu	26
3.4 Meeshaalee Funaansa Ragaalee	27
3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee	27
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE	28
4.1 Sabseenaa Asoosamichaa	28
4.2 Ijaarama Gitoota Asoosamichaa	30
4.3 Hacuuccaa Gama Hawaas-Diinagdeetiin mul'atan	34
4.4 Haala qabatamaa Gita Cunqursaafi cunqurfamaa	39
4.5 Diinagdee of Jala Kan Oolfatan	44
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO	48
5.1 Cuunfaa	48
5.2 Argannoo	49
5.3 Yaboo	50
5.4. Kallattii Gara Fuuldura	Error! Bookmark not defined.
WABIILEE	51
Dabalee	53

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon kun yaaxxinaalee ogbarruuwwan ittiin qeeqaman keessaa ija yaaxxina Maarkiisistii fayyadamuun asoosamni filatame erga sakatta'amee booda Xiinxala adeemsifameedha. Haaluma kanaan boqonnaan kun boqonnaawwan ittaananiif bu'uura kanneen ta'an: Seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa qorannichaafi qindaa'inni qorannichaa duraa duubaan dhiyaataniiiru.

1.1. Seenduuba Qorannichaa

Ogbarruun hojii kalaqa ilma namaa kan barreessaan wantoota addunyaa dhugaa keessatti mul'atan arga yaadaa keessatti akka mul'atanutti faayee akkaataa sammuu dubbistootti toluun bocee barraaffamaan dhiyeessuudha. Dhalli namaa barreeffami osoo hin uumamin fuula dura afoolatti dhimma bahee ofiisaa, yaadasaafi naannoosaa ibsachaa waan tureef umuriin ogbarruufi afaanii walirra ooluu akka danda'u hayyoonni ni tilmaamu. Umurii dheeraa kana keessattis hayyoota ogbarruu cinatti hayyoonni seenaa, falaasamaa, siyaasaa, seeraafi kanneen biroollee gama ogummaasaaniitiin laalanii hiika ofiisaanii waan itti kennaniif. yaadrimeen ogbarruu bal'aa, umuriidhaanis dheeraafi xiyyeeffannoosaas jiruufi jireenya uummataa ta'uunsaa ogbarruun hiika adda addaa akka qabaatu taasisuu isaa hayyoonni irratti waliigalu. Yaaduma kana Asafaa (2009, ff. 23-25). Akka jedhutti,

Ogbarruun waan salphaafi tahii akka qoosaatti hubatamuu danda'u miti. Kan kana ta'uu danda'eef, jecha bal'aafi yaadrimee hedduu kan ofkeessatti qabate waan ta'eefidha. Kunis, afaaniin hammatamee akkasumas afaan of keessatti hammatee kan kalaqamuudha. Haala kanaan ogbarruufi afaan akkuma dhiigaafi hidda dhiigaa kan walkeessa jiranidha jechuun nidanda'ama. Gabaabinatti, ogbarruu jechuun hojii kalaqaa ilma namaa ta'ee, aadaa, seenaa, duudhaa, siyaasdiinagdee, hawaasummaa, amantaa, falaasamaa akkasumas haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ittiin calaqqisifamuudha.

Yaadni Kunis, bifa miidhaginaafi ofitti nama harkisuu danda'uun faayamee barreeffamaan yookaan haasawaan kan dhiyaatu ta'uu ibsa. Dabalataanis, dhimmoota bal'aa waan of keessatti qabatuuf salphaatti kan hin hubatamneedha. Dhimmoota gurguddoo jiruufi jireenya uummataa of keessatti kan hammatu ta'uu nu hubachiisa. Ogbarruun kun, hojiiwwan kalaqaa kan akka asoosamaa, walaloofi diraamaa kan ofjalatti hammatuudha. Asoosama ilaalchisee, Fedhasaan

(2013, f. 67) yammuu ibsu, “Asoosamni argaa-yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul’isuudha. Mudannoofi mufannoo namni tokko haala jiruufi jireenyaa keessatti muuxate mul’isuuf, sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaarratti mul’ata. Dubbistootni haala sana irraa muuxannoo isaanii yaadatu” jechuun ibsa.

Yaada beektotaa kanarraa kan hubannu Asoosamni akaakuu ogbarruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwataman raawwatamuu danda’aniin ka’umsa godhatee akka hubannoofi ilaalchasaatti dandeettii kalaquu isaatiin qindeessudha. Kanamalees asoosamni barreessaan kalaqamee dhimmoota haala jiruufi jireenya saba tokkoo kan akka: aadaa, duudhaa, siyaasdiinagdee, hawaasummaa, amantiifi falasamaa hawaasa tokkoo karaalee firiiwwan asoosamaatiin gargaaramee ergaa dabarsuu barbaade sana kan dhiyeessu ta’uutu hubatama.

Afaan Oromoo baroota dheeraaf sababa hacuuccaan adda addaa irra gahaa tureef afaan barnootaa osoo hin ta’in hafee ture. Dhalattoonni Oomoo hedduun, sirna darbe keessatti afaan Oromootiin osoo hin ta’iin afaan alagaatiin barreessaa turan. Haaluma kanaan walqabatee uummanni Oromoo haala jiruufi jireenya isaa kan ibsachaa ture afoolaan. Dastaa (2008).

Dabalataanis, Afaan Oromoon dubbachuufi barreessuun yeroo rakkoo hamtuu keessa darbe jechuun nidanda’ama. Uummatichis mana keessatti qofa akka itti tajaajilamuuf daangaan itti godhamaa tureera. Dhimmoota kanarraa kan ka’e, ogbarruun Oromoos akka hin jiraanneefi hin dagaagne dabni guddaa irratti adeemsifamaa tureera. Shiraafi dhiibbaan garaagaraa irratti haa taasifamuyyuu malee afaanichas ta’e, ogbarruusaa balleessuu hindandeenye. Keessattuu, ogbarruu afoolaa hawaasichaa keessaa jiran dhabamsiisuun hindanda’amne. Kufaatii mootummaa Dargii booda garuu, yeroo jalqabaatiif chaarterii mootummaa ce’umsaa irratti saboota biyyattii keessa jiraniif afaan, seenaafi amanti ofii akka itti fayyadaman labsiidhaan mirkanaa’e. (Nagaariit gaazexaa, 1992).

Haala kanaan, waggoota muraasaa as ogbarruun Afaan Oromoo babal’ataa jira. Asoosamni garaagaraa barreessitoota adda addaan barreefamaniiru. Akkasumas, ogbarruu afoolaatti gargaar amuun dhimmoota adda addaa waliif dabarsaa turaniiru. Ogbarruun afoolaa kunis, aadaa, seenaa, duudhaa, amantaafi falaasama akkasumas haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo dhaloota irraa

dhalootatti haasawaan kan darbu yoo ta'u, Xiinxala taasisuudhaafis, ogummaafi yaaxxinoota addaa addaatti gargaaramuun sakatta'uu gaafata.

Adeemsaafi jijjiirraa haala addunyaa irraa kan ka'e, asoosamni haali itti dubbifamuufi qaacceffamus haalotaafi tooftaalee adda addaa keessa darbeeti. Yaaxxinni Maarkistii bara 1930 keessa hayyuu falaasamaa, hawaasummaa, seenaa, dinagdeefi siyaasaa kan ta'e Marx Karl-n akka jalqabame Bowens, etal (1974, f.1) ni ibsu. Ija yaaxxina kanaatiin akaakuu ogbarruu tokko yammuu qeeqnuufi xiinxallu wanni xiyyeeffannoo argachuu qabu garaagarummaa hawaasdinagdee garee hawaasaa tokko gidduu jiruudha. Kana jechuun akka yaaxxina kanaatti dhimmoonni hawaasummaafi siyaasaa kanneen akka barnootaa, falaasamaa, amantaa, mootummaa, aartii, saayinsii, teekinoolojii, sabaa himaaleefi kanneen biroon humna dinagdee hawaasa sanaarratii hundaa'u.

Maarkisizimiin falaasamaafi sirna siyaasa hojii hayyuu biyya Jarman Kaarl Maarkis (1818-1883)fi hiriyyaa isaa Frederiik Enjiils (1820-1895) irratti kan hundaa'e ta'ee sirna siyaasaa yookiin yaadiddamni hojii hayyuulee kunneenii irratti hundaa'e immoo maarkisizimii jedhama. Yaaxxinni kun jiruu hawaasaummaa keessatti sirna ittiin bulmaataa qabsoo gitaafi jijjiirama isaanii akkamitti akka ibsu irratti xiyyeeffate. Yaaxxinni kun hojii ogbarruu keessatti dhimmoota hedduu ilaala. Haaluma kanaan hojii qorannoo kana keessattis, yaaxxinaalee jiran keessaa yaaxxina maarkisimiitti dhimma ba'uun asoosamni *Booree 096* keessatti haalli ijaarama gitootaa, hakuuccaa hawaas-diinagdee, gitoota cunqurfamaaf cunqursaafi haalli diinaddeen saba Oromoo keessa darbeefi keessa jiru kan xiinxalameedha.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Afaan Oromoo erga afaan qorannoofi qo'annoo ta'ee yeroon isaa baay'ee dheeraa ta'uu baatus, qorannoowwan garaagaraa yeroo adda addaa afaanicharratti geggeeffamaa turaniiru; ammas taanaan geggeeffamaa jiru. Fakkeenyaaf dameewwan fookloorii, xinqooqaafi ogbarruu irratti qorannoowwan geggeeffamaniiru. Haa ta'u malee, ulaagaalee yaaxxinaalee ogbarruu jiran keessaa ulaagaa yaaxxinni maarkisizimii irratti xiyyeeffatu hundaan madaalanii qeequun qorannoowwan geggeeffaman baay'inaan hin mul'atan. Dabalataan kitaabilee asoosamaa filatame kana ija yaaxxina Maarkisizimiin namni xiinxale yookiin irratti hojjete waan jiru hinfakkaatu. Ka'umsi qorannoo kanaas qaawwa kana guutuuf jedhameeti. Akkasumas asoosamni

kun hojii kalaqaa yeroo dhiyoo waan ta'eef hawaasa keessatti baay'inaa kan argamu miti. Hojiilee asoosamaa xiinxaluufi qeequun ammoo guddina afaanichaafis ta'e dhaamsa asoosamichi dabarsuu barbaade sana karaa salphaafi ifa ta'een dubbistoonni akka hubataniif gumaacha ol aan aa qaba. Yaaduma kan ilaalchisee showwater (1986, f. 303) akkas jedha, "Literary criticism involve that historical content of the work, the author's life, the works content or message or others style or technique (use of character, themes, languages). Akka yaada kanaatti hojiilee kalaqaa qeequun wanta qabatamaa seenaa tokko beekuuf haala jireenya barreessaa addaan baasanii hubachuun ergaafi qabiyyee hojii sanaa haalaan akka hubataniif gargaara. Tooftaa barreessaan fakkaattota uumuuf yaale dhaamsaafi haala itti fayyadama afaanii dubbistoonni addaan baasanii akka hubatan gahee guddaa qaba. Hojiilee asoosamaa uumee xiinxaluufi qeequun hubannoo dubbistootaa akka bal'atu gochuufi ilaalcha barreessaan tokko addunyaa arga yaadaa keessatti akka calaqqisiisu danda'u ittiin hubachuuf nama gargaara.

Kanumarraa ka'uudhaan hojiileen kalaqaa kun gumaachi isaan guddina ogbarruu afaan oromootiif qaban hammam akka ta'e ilaaluuf qoratichi fedha horatee qorannoo kana geggeesseera. Sadarkaa bilchinni, gahumsiifi guddinni ogbarruu hawaasa tokkoo irra gahe beekuuf xiinxalliifi qeeqni yaaxxinaalee ogbarruu sadarkaa addunyaatti jiran bu'uura godhatee geggeeffamuun hedduu barbaachisaa akka ta'eefi ogbarruun gulantaa olaanaan yookaan giddugaleessaan ulaagaa barbaadame sana guutee bifaanis ta'e qabiyyeen jiruufi jireenya hawaasa sanaa hinmul'isne maqaadhaan malee qabatamaan sadarkaa guddina ogbarruu hawaasni sun irra gahe kallattiin agarsiisuu akka hindandeenye hayyoonni ogbarruu garaagaraa ni ibsu. Akkuma beekamu, qorannoowwan garaagaraa Afaan Oromootiin sadarkaa digirii tokkoffaafi lammaffaatti gama xiinqooqaan, fooklooriifi ogbarruutiin hojjetamaa turaniiru; hojjetamaas jiru. Haata'u malee, qorannoowwan yaaxxinaalee ogbarruu bu'uura godhatanii qeeqamaniifi xiinxalaman bal'inaan hinmul'atan.

Ka'umsi rakkoo kanaas xiqqaachuu hubannoo qorattoonniifi barreessitoonni Oromoo dhimma ogbarruufi yaaxxina gama kanaan jirurratti qabanirraa kan ka'e ta'uu mala. Barreessitoonni ogbarruu Oromoo hedduunsaanii fedhiifi kaka'umsa guddina ogbarruu Oromoof qabanirraa kan ka'e osoo beekumsaafi hubannoo gahaa dhimma ogbarruurratti hinqabaatin waan barreessaniif barreeffamni isaanii baay'inaan yaaxxinaalee ogbarruu giddugaleessa godhatee akka hinbarreeffamne ogbarruwwan qabatamaan lafarratti mul'atan ni'agarsiisu. Qorattoonni ogbarruu

Oromoos hubannoosaan ogbarruufi yaaxxinasarratti qaban gadaanaa ta'uusaatti dabalee, ogbarruuwwan qabatamaan barreeffamanii lafarra jiranis haala kanaan qorachuuf mijatoo waan hintaaneef hedduu rakkatu. Kunimmoo sadarkaa guddina ogbarruu hawaasichaa agarsiisuurrattis ta'e, jiruufi jireenya hawaasichaa ibsuurratti hanqina cimaa agarsiisa.

Dhugummaa yaada kanaa mirkaneeffachuufis qorataan mata duree qorannoosaa kana osoo hin filatin dura kitaabilee asoosama Afaan Oromoo hedduu dubbiseera; barruulee qorannoo sadarkaa adda addaatti Afaan Oromootiin qophaa'anis laaluu yaaleera. Sakatta'a taasise kana keessattis kitaabileen kunneen gama yaaxxina bu'uureffachuutiin bilchina akka hinqabneefi qorannoon yaaxxinaalee ogbarruu bu'uura godhatee dalagames bal'inaan akka hinjirre hubatee jira. Akka Tyson (2006) ibsitetti akkuma addunyaattuu gosoonni ogbarruu yaaxxina bu'uureffatanii geggeeffaman hedduu muraasa. Qorannoowwan hanga ammaatti gama ogbarruun sadarkaa adda addaatti Afaan Oromootiin hojjetaman hedduunsanii caacculeefi unka asoosamootaarratti xiyyeeffatu malee, gama yaaxxinaatiin qorannoowwan ogbarruu hojjetaman xiqqoodha. yaadni dhugaa ogbarruu Oromomoo keessatti mul'atuun mirkanaa'aadha.

Barruulee qorannoo akkasii keessaa akka fakkeenyaatti: Mareemaa Abduu (2011) xiinxala asoosama 'Arraa Gurbaa' ija yaaxxina maarkisizimiin dhimmoota kanneen akka siyaasa, diinagdee, ilaalchafi ergaan asoosamichaa haaala yeroo asoosamichi keessatti seeneffameen kan walsimu ta'uu xiinxalteetti. Argannoo ishee saamtonni muraasni shira xaxuudhaan daldaaltota hedduu gabaa keessaa baasuu, Wayyaanonni qabeenya Oromiyaa saamuun duroomuuf gocha suukanneessaa gochuu, maqaa misoomaatiin saamicha hamaa ta'e geggeessuu fa'i.

Akkasumas, Lemlem Taayyee (2013) "caaseffama aangoo koorniyaa asoosamoota Suuraa Abdii Hawwiifi Illaa yaaxxina maarkistootaan dubartummaatiin" jedhu irratti qorannoo geggeessite. Kaayyoon qorannoo ishee, asoosama filataman kana keessatti caaseffamni aangoo koorniyaa maal akka fakkaatan sakatta'uun qaaccessuudha. Argannoo qorannoo ishee, dubartoonni rakkoo ofii furuuf dandeettii dhiiraa irratti hirkachuutanii, ijoolleen dubartootaa maatii isaaniif meeshaalee rakkoo hiyyummaa jalaa ittiin bahan godhaaii ilaaluu, caasaa aangoo maatii keessatti olaantummaa kan qabu dhiira ta'uudha

Dabalataanis, Mikaa'el Fiqraalem (2008) "study of the influence of Marsism on Bealu Girma's Three novels: Haddis Yekey kokeb tiri and Dersiw" mata duree jedhuun asoosamoota Ba'aaluu

Girmaa sadii xiinxaleera. Argannoon qorannoo isaa asoosamoonni filataman haala qabatamaa hawaasummaafi siyaasa biyyatti yeroo darguu kan mul'isu ta'uu agarsiiseera. Mil'uu sooshaalizimiif qabus namfakkiiwwan abdi qabeessa, hawaasa isaaniif of eeggataniifi of kennan ijaaruun agarsiisuu isaa mul'iseera. Xiyyeeffannoon isaas sooshaalizimii bara dargiiti.

Akkasumas, Raajii Mokonnon (2012) xiinxala asoosama Miila Hin Shokoksine ija yaaxxina markisizimiin qorannoo ishee geggeessiteetti. Xiyyeeffannoon qorannoo ishee qabsoon gitaa uummanni Oromoo dabarse, haala qabatamaa hawaas-diinagdeefi ilaalchi markisizimii hammam akka agarsiifame asoosama filatte kan bu'uureffachuun xiinxalteetti. Kaayyoon qorannoo ishees dhimmoota kanneen irratti kan xiyyeeffatuudha. Argannoon ergaan asoosamichaa dhimmoota uummata Oromoo xiyyeffatan ta'uu, sabni Oromoo cunqursaa keessa akka turefi cunqursaa kana keessa ba'uufis qabsoo barbaachisaa gochaa kan ture ta'uu adda baasteetti. Qeeqa ogbarruu keessatti yaaxinaaleen adda addaa ni jiraatu. Kanneen keessaa tokko yaaxxina markisizimiiti. Haaluma kanaan qorannichi gaaffiilee bu'uuraa armaan gadiitiif deebii kan laatu ta'a.

- Caasaaleen gitoota garaagaraa asoosama kana keessatti ijaaraman maal fakkaatan?
- Asoosamichi kallattii hawaas-diinagdeetiin humni tokko kan biraa haala itti cunqursaa jiru ni kaasaa?
- Waldhabbiin gita irree qabuufi gita cunqurfamaa jidduu jiru haala qabatamaa hawaasa yeroo sanaa ni calaqqisiisa?
- Aangoo siyaasaa qabachuudhaan diinagdee ofjala kan galfatan eenyu fa'a?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroon qorannoo kanaa qeeqa markisizimiirratti hundaa'udhaan asoosama 'Booree xiinxaluudha .

1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannichaa akka armaan gadiitti taa'aniiru.

- Caasaalee gitoota garagaraa asoosamicha keessatti ijaaraman addeessuu.

- Asoosamicha keessatti kallattii hawaas-diinagdeetiin humni tokko haala itti kan biraa cunqursaa jiru ibsuu.
- Waldhabbii gita irree qabuufi gita cunqurfamaa jidduu jiru akka haala qabatamaa hawaasa yeroo sanaa ibsu calaqqisiisuu.
- Aangoo siyaasaa qabachuudhaan diinagdee ofjala kan galfatan eenyu akka ta’an adda baasuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Ogbarruun dhala namaaf faayidaa guddaa qaba. Asafaa (2009, f.20) waa’ee ogbarruu yemmuu ibsu, “ogummi waa’ee jiruufi jireenya dhala namaa ta’ee, namootaan qindeeffamee namootaaf dhiyaata” jedha. Kanaafuu hojii ogbarruu tokko qorachuun dhimmoota hawaasa keessa jiraannu beekuuffillee nugargaara. Seenaa asoosama qeeqni irratti geggeeffamuu kunis, jiruufi jireenya uummata Oromoo mara kan haguuge yoo ta’uu baataellee, hanga tokko kan ilaallatuudha. Walumaa galatti qorannoon kun faayidaawwan armaan gadii qaba.

- Dhimmoota siyaasaa, diinagdee, waldhabdeefi haala ijaarama garee hawaasaa ilaalchisee wantoota xiinxalaman agarsiisuun, qo’attootaafi kanneen biroof akka wabiitti ittiin fayyadamuuf ni gargaara.
- Qorannoon kun asoosasama afaan Oromoo keessaa filatamee hojjetama waan ta’eef adeemsi ittiin xiinxalames, saayinsaawaa waan ta’eef guddina ogbarruu Oromoo hanga tokko kan duraarra siqsuu danda’a.
- Namoota yaaxxina maarkisizimii irratti hundaa’anii asoosamootafi hojiiwwan ogbarruu kanneen biroo irratti gadifageenyaan qorannoo geggeessuu barbaadanif ka’umsa ta’a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Hojiileen ogbarruu kanneen Afaan Oromootiin dalagaman hedduudha. Akkasumas, hojiin ogbarruu tokko yaaxxinaalee ogbarruu kanneen adda addaa bu’uura godhachuudhaan qeeqamuu ni danda’a. Bu’uuruma kanaan qorataan qorannoo kanaas hojiilee ogbarruu keessaa asoosamarrat ti kan fuulleffate yoo ta’u, qorannichis asoosama Afaan Oromootiin barreeffame keessaa Asoosa ma “*Booree 096*” jedhu kan Gammachiis Fiqaaduutiin barraa’ee bara 2020tti maxxanfameefi yaa xxinaalee ogbarruu jiran keessaas ija yaaxxina maarkisiziimin qaaccessuurratti kan daangeffame edha.

1.6. Qindaa'ina qabiyyee qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shan kan of keessaa qabu yoo tau, boqonnaan tokko seensa, seensa jalatti kan hammatan seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, hanqinaafi qindaa'ina qabiyyee qorannichaati. Boqonnaa lama jalatti immoo sakatta'a barruu firoominaati. Bakka kanatti barreeffamoota garaagaraa kanneen mata duree qorannichaa waliin deemaniifi hubannoon irraa argamuu danda'u dubbisuudhaan mata durechaa wajjin walsimsiisuun dhiyaate. Kana malees qorannoon adda addaa kitaabilee asoosama afaan Oromoo irratti qorattoota garaagaraatiin taasifame sakatta'uudhaan iddoo itti dhiyaateedha. Boqonnaan sadii mala qorannichaa yammuu ta'u, mala eddattoofi eddattessuu, madda ragaa, mala funaansa ragaafi tooftaa ragaan ittiin xiinxalamee qaaceffame ofkeessatti qabata. Boqonnaa afur jalatti immoo qaaccessa ragaatu dhiyaate. Ragaan kan funaana nama kitaaba eerame irra deddeebiin dubbisuudhaan. Ragaaleen funaana mani erga adda bahanii booda ija maarkisizimiitiin xiinxalamaniiru. Boqonnaa shanaffaan cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu dhiyaate.

1.7. Hanqina Qorannichaa

Yeroo qorannoon kun geggeeffamaa turetti hanqinaaleen yookiin rakkooleen adda addaa qoraticha mudatanii turan. Fakkeenyaaf, kitaabileen wabii waytaafi akka barbaadamanitti argamuu dhabuu isaanii, baay'ina hojiifi fageenya karaa irraa kan ka'e rakkoo geejjibaatiin walqabatee qorataan gorsaasaa waliin akka barbaadetti yeroodhaan walqunnamee walmari'achuurratti rakkoo ture. Hanqina maallaqaatinis walqabatee meeshaalee barreeffamaa kanneen akka kompitaraafi kkf yeroon bitaachuurratti hamma tokko rakkisaa ture. Barreessuufi isa barreeffames baayisuurraatti yeroo tokko tokko ifaan dhabamuun isaa hanqinoota adeemsa qorannichaa keessatti qorataa mudachaa turaniidha.

Haata'u malee rakkooleen eeraman kunneen qoraticha hojii isarraa duubatti hindeebisne. Gama kitaabilee wabiitiin rakkoo isa mudate furuuf iddoo isaan itti argamuu danda'an koolleejjootaafi yunivarsitoota hamma tokko ittidhiyaatan deemee irraa ergifachuun itti gargaarameera. Akkasumas fagoos ta'u wayita argametti toora intarneetii fayyadamuun rakkoo gama kitaabilee wabiitiin mudate keessas darbeera.

Sababa baay'achuu hojiitiin hanqina yeroo kan mudateef immoo waajjira itti hojjachaa ture /mana barumsaa irraa eeyyaama guyyaa hojii gaafachuun deemee gorsaa isaa waliin

mari'achuufi bakka baay'ee humnaa ol ta'etti bilbilaan walqunnamuudhaan hamma tokko rakkinicha fureera.

Qarqaarsa namootaatinis ta'u meeshaalee barreeffamaa kan akka kompitaraafi kkf guuttachuudhaan rakkoo gama maallaqaatiin isa mudate hiikkachuuf yaaleera. Wajjirootaafi namoota dhuunfaa kanneen jenereetara qaban gaafachuudhaan rakkina gama ibsaatiin adeemsa qorannoo kanaa keessatti isa mudatan hundaa keessa darbee hojii qorannoo isaa galmaan ga'eera.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII

Boqonnaa kana jalatti yaada hayyoota garaagaraa kanneen mata duree qorannichaa wajjin hidhata qabantu qindoominaan dhiyaate. Haaluma kanaan Maalummaa ogbarruu, faayidaa qeeqa ogbarruu, gosoota ogbarruu, qeeqa ogbarruu, yaaxxina Maarkistiifi qorannoolee walfakkii sakatt a'uun gadi fageenyaan ibsamaniiru.

2.1. Maalummaa Ogbarruu

Ogbarruun hojii kalaqaa kan barreessaan dhugaa qabatama addunyaa keessa jiru irraa ka'uun dandeettii oguma uumee isaa itti dabalee haala dubbisaa hawwatuu danda'utti midhaagsee kan yaada ykn ergaasaa barreeffamaan ittiin dabarfatudha. Wanti kalaqa ta'e hundis ogbarruu ta'u hindanda'u. Yaaduma kana deeggaruun Asafaan (2009, f. 29-30) ogbarruu ilaalchisee akka armaan gaditti ibsa:

“Ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee oguma uumee kan waanta qabatamaafi waan qabatamaa hintaane irraa ka'uudhaan yaada uumee qindeessee midhaagsee dhiyeessa. Waan kalaqa sammuu tahe hundatus ogbarruu miti. Kanneen oguma uumee jalatti ramadaman asoosama, ogwalaloofi do'ii ykn diraamaadha. Afaan ogbarruu kan miira namaa tuquu danda'udha. Jechoota muraasaan yaada bal'aa ta'e kan dabarsuufi dubbii haalawaatiin kan guutameedha”. Jedha.

Akka yaada kanarraa hubatamutti egaa ogbarruun hojii kalaqaa kan barreessaan jechoota filatamoofi malleen dubbii addaddaa kanneen ofitti nama hawwataniin midhaagsee wanta addunyaa qabatamaa keessatti raawwatamuu danda'u uumee barreeffamaan ittiin dhiyeessu ta'ee, innis asoosama, ogwalaloofi doo'ii jedhamuun dameewwan garagaraa kan ofjalatti hammatu ta'uu isaati.

Yaaduma kana deeggaruun Dastaa (2013, f.8) waa'ee qooddiwwan ogbarruu yoo ibsu, “Ogummi barreeffamaa ykn ogbarruun bakka gurguddoo saditti qoodamee dhiyaachuu danda'a. Isaanis: asoosama, ogwalaloofi diraamaadha,” jedha. Ogbarruun barreeffama ogummaa dhala namaati. Ogummaan barreessuu dhala namaa garaagarummaas tokkummaas qabaachuu danda'a. Gaafa akkas jedhamu dandeettiin waa kalaquu dhala namaa walcaaluu danda'uu isaati. Haalli namootni ittiin jechoota fayyadaman tokko ta'uu dhiisuu mala. Kan tokkotti mul'ate isa biraatti mul'achuu dhiisuu danda'a.

Haaluma kanaan namootni ogbarruu kana karaa adda addaan hiikuuf yaalu. Deemee deemee garuu yaadni isaanii walhinfaallessu. Yaaduma kana Finnegan (1978, f. 18) yoo ibsitu, “Literature is a creative work of art which expresses the truth of experience in terms of beauty to be comprehended and it is the means of communicating ideas of intellectual and socio significance.” Waraabbiin kun akka agarsiisutti, ogbarruun muuxannoo keenya kan calaqqisiisu ta’uusaa ibsullee hojii kalaqaa, kalaqa sammuu barreessaa bifa miidhagina qabuun bu’aa hawaasaaf kan dhiyaatu ta’uu ibsa. Egaa dameewwan ogbarruu barreeffamoota kalaqaa kanneen ogummaadhaan barreeffaman waanta’aniif, barreeffamoota calluma jedhanii barreeffaman faana madaalamuu hindanda’an. Daangaan ogbarruu bal’aadha jechuun isaas barreeffamootni hundinuu ogbarruu ta’uu danda’u jechuu osoo hintaane, hiika ogbarruu kennuurratti namootni haala miira isaaniin hirmaachuu danda’u jechuudha. Ogbarruun jireenya dhala namaa keessa waan jiru marallee hammachuu kan danda’uudha.

Dhalli namaa waa’ee ofii, namoota biroo, dhimmoota addunyaafi wantoota kana fakkaatan ogbarruutti fayyadamuudhaan kalaqee dabarsuu akka danda’u qorataanis itti amana. Walumaagalatti akka yaadolee beektota armaan olii kanarraa hubatamutti, hiikni namootni garagaraa ogbarruuf kennanis akkaataa kanatti aanuun dhihaateera: Jechi “Litireecherii” jedhu namoota adda addaan ogbarruu jedhamee yeroo gara garaatti hiikamee jira. Og- jechuun ogummaa jechuu yoo ta’u, barruu jechuun immoo barreeffama jechuudha. Walitti ogbarruu jechuun ogummaa barreeffamaa jechuu waan ta’eef jecha “literature” jedhu kana guutummaatti waan ibsu hinfakkaatu. Kanaafuu jecha “literature” jedhu kana ergifachuun akkuma jirutti itti fayyadamuun gaariidha. Litireecheriin hojii kalaqaa ta’ee, fedhii, gammachuu, hawwiifi waan kana fakkaatan miidhagoo hojii ilma namaa walitti qindeessee kan mul’isu.

2.1.1 Gosoota Ogbarruu

Ogbarruun hojiiwwan kalaqaa kan akka asoosamaa, walaloofi diraamaa of jalatti hammata. Gooroowwan ogbarruu kanneen keessas, qorannoon kun asoosama irratti xiyyeeffate.

2.1.2. Asoosama

Asoosamni akka afoolaa umurii dheeraa kan qabu osoo hintaane barreeffamaan waan dhiyaatuuf erga sirni barreeffamaa jalqabee kan eegalameedha. Sanyiin ogbarruu barreeffama kun jaarraa 18^{ffaa} keessa beekame jedhamee amanama. Haa ta’u malee, asoosamni akkuma afoolaa jiruufi jireenya hawaasaa calaqqisiisuusaatiin dubbistootaan jaallatama argateera. Taarikuu (2016, f.41).

Asoosamni sanyii ogbarruu barreeffamaa ta'ee, hojii kalaqa sammuu ilma namaa kan bu'a ba'ii hawaasaa adunyaa kana keessatti qunnameefi qunnamuu danda'u uumeefi qindeessee bifa qabatama ta'een kan hawaasaaf dhiyeessuudha.

Asoosamaaf beektonni hiika adda addaa kennaniiru. Akka Birhanun (2009, f. 29), ibsetti, "Jechi asoosama jedhu jecha Laatinii, fiction jedhu kan hiikni isaa yaaduufi ta'uu kan ta'e irraa kan uumamedha. Asoosamni seenaa dhugaafi qabataamarratti hundaa'uurra hojii uumee yookaan kalaqaa ta'ee kan yaadaan barreeffamu muuxannoo hawaasaa ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, asoosamni ogbarruu asoosaan kalaqamee seeneffama dhugaan osoo hin taane yaaduun barreeffamuudha" jedha.

Kana malees, Zerihuun (1996, f.152) irratti hiika beektonni adda addaa kennan haala armaan gadiin kaa'eera. "Asoosamni fakkii jireenyaati. Asoosamni fakkii jireenyaa inni kennu qabatamaadha" jedha. Dhugumayyuu asoosamni haala jireenya Nama dhuunfaafi hawaasaa kan mul'isu, jechoota yaad-uumeen kan bocamuufi dhugummaan jireenyaa mul'suudha. Akkasumas, "Asoosamni abjuu irraa kan burqu, tasa kan uumamu yookiin dhugaa kan ta'an kan uumamaniifi boodas dhugummaa kan argatan, seeneffama mudannoofi haalaa ta'uu nama hubachiisu" jedha. Ibsoota kana irraa ka'uun "Asoosamni kalaqa yaaduumee asoosaa/tuun uumanirraa kan burqu jireenya dhala namaa haala adda addaan walfakkeessuun bocuu kan danda'u garuu dhugaa kan hin taane hojii kalaqaa ta'uusaa ni hubanna. Asoosamni dhugaa kan hintaaneedha yoo jedhamu jireenya dhugaa namfakkiiwwan ittiin seeneffamee addunyaa dhugaa keessatti dhuguma kan raawwatame yookiin iddoofi barri seenichi itti raawwate akkuma jirutti kan mul'ate miti jechuun ibsa.

Akka Fedhasaan (2013, f. 67) ibseen immoo, "Asoosamni arga-yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha. Mudannoofi mufannoo namni tokko haala jiruufi jireenyaa keessatti muuxate mul'isuuf, sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaarratti mul'ata. Dubbistootni haala sana irraa muuxannoo isaanii yaadatu" jechuun ibsa.

Yaada beektotaa kanarraa kan hubannu Asoosamni akaakuu ogbarruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwataman raawwatamuu danda'aniin ka'umsa godhatee akka hubannoofi ilaalchasaatti dandeettii kalaquu

isaatiin qindeessudha. Kanamalees asoosamni barreessaan kalaqamee dhimmoota haala jiruufi jireenya saba tokkoo kan akka: aadaa, duudhaa, siyaasdiinagdee, hawaasummaa, amantiifi falasamaa hawaasa tokkoo karaalee firiwwan asoosamaatiin gargaaramee ergaa dabarsuu barbaade sana kan dhiyeessu ta'uutu hubatama.

Kanaaf, hayyoonni jireenya keenyaaf fakkiin asoosamni kennu qabatamaa ta'uu isaa dubbatu. Gabaabumatti, asoosamni daawwitii haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ta'ee kan barreessaan tokko duraan dursee haala dinagdeefi siyaasaa hawaasa naannoo hubachuun namfakkiwwan gochaalee hawaasaa calaqqisiisaaniin fayyadamee akka raawwatan taasisuudhaan kan dhiyeessu jechuun ni danda'ama.

2.1.3 Gosoota Asoosamaa

Asoosamni haala bal'inaafi ijaarsa isaa irratti hundaa'uudhaan bakka gurguddoo lamatti qoodama. Isaanis asoosama gabaabaafi dheeraa jedhamu. Asoosamni gabaabaan hojii kalaqa sammuu barreessaatiin kalaqamuufi ergaa tokko qofa kan dabarsuudha. Maalummaa asoosama gabaabaa ilaalchisee (Robert, 1999, f. 47) akkas asoosamni gabaabaan hanga daqiiqaa soddomaa keessatti dubbifamuu danda'uufi jechoota kuma kudhanii ol hin taaneen kan kalaqamuudha.

2.1.4 Asoosama dheeraa

Maalummaa asoosama dheeraa ilaalchisee, cuddon (1999, f. 23) akka jedhetti, asoosamni dheeraan gosa ogbarruu ammayyaa ta'ee seeneffama dheeraa sammuu barreessaatiin kalaqameefi bifa hololootiin kan dhiyaatuudha. Asoosamni dheeraan hojii kalaqaa jiruufi jireenya dhala namaa bal'inaan bocee namatti agarsiisa. Kana malees gosti asoosama kanaa seenaa qooddattootaa dhalootaa kaasee hanga du'aatti duukkaa deemee ibsuu kan danda'uudha. Dubbistoonni asoosama gosa kanaa yammuu dubbisan gochaan raawwatameefi bakki itti raawwatame bakki itti raawwatame waan jireenya isaanii keessatti beekamuuf, gocha keessatti kan hirmaataa jiran itti fakkaata. xiyyeeffannoon qorannoo kanaas asoosama dheeraa irratti.

2.2. Maalummaa Qeeqa Ogbarruu

Seenaan jalqabbii qeeqa ogbarruu qeeqa walaloon kan walqabatuudha. Hanga hojiin kalaqa asoosamaa dheeraa jalqabutti walaloon akka ogummaa kalaqa walii galaatti ilaalamaa tureera. Kanaaf qeeqni jaarraa 18^{ffaa} dura hojii walaloo irratti barreeffame kamiyyuu akka qeeqa baruu kalaqaa hunda hammatutti fudhatama. Dutton (1984, f.15) ...any criticism written before

approximately 1800 may be understood as criticism of creative literature in general. jechuun ibsa. Gama dhuftee jechichaatiin yoo ilaalle jechi “criticism” jedhu jecha Giriikii ‘Krites’ hiikni isaa murtii jedhu irraa dhufe jedhu barreeffamoonni adda addaa. Fakkeenyaaf Habib M.A.R. (2005, f.9) akkasitti ibsa;

Our English word “criticism” derives from the ancient Greek term *krites*, meaning “judge.” Perhaps the first type of criticism was that which occurred in the process of poetic creation itself: in composing his poetry, a poet would have made certain “judgments” about the themes and techniques to be used in his verse, about what his audience was likely to approve, and about his own relationship to his predecessor in the oral or literary tradition.

Akka waraabbii kanaatti, bu’uurri qeeqaa inni jalqabaa adeemsa kalaqa yaada jedhu ofkeessaa qaba. Namni hojii ogbarruu tokko kalaquun dura murteewwan garaagaraa waa’ee dhaamsaa, tooftaalee kalaqa sana keessatti itti dhimma bahu, hanga fudhatamummaa hawaasaa hojii kalaqichaafi k.k.f murteessa. Hiika biraa qeeqa ogbarruuf kenname keessaa; C.T.Winchester (1889, f.1)

Criticism may be broadly and provisionally defined as the intelligent appreciation of any work of art, and by consequence the just estimate of its value and rank. Literary criticism is, of course, concerned only with literature ; but the general nature of the functions of criticism is much the same whether the object criticised be literature, or painting, or sculpture, or music.

Akka hiika kanarraa hubannutti, qeeqni ogbarruu bal’inaan kan hiikamu dinqisiifannaa beektonni hojii ogbarruutiif kennan isa jedhuudha. Hiikni biraa qeeqa ogbarruu, Eagleton (1996, f.10) “Literary criticism or literary analysis can be defined as, an informed analysis and evaluation of a piece of literature”. Hiikni nama kanaan kenname qeeqni ogbarruu yaadrimee beekamaa ta’een qeenxoo (piece) ogbarruu tokko qaaccessuufi madaaluudha.

Haaluma kanaan qeeqni ogbarruu yaadrimee hojii ogbarruu qaaccessuufi madaaluu kan of keessaa qabuudha. Qabiyyee ogbarruu ilaalchisee gaaffilee maaltu jedhame? Faayidaa inni hawaasaaf qabu maali? Rakkoolee hawaasa keessatti mul’atan akka furaman taasisuu, beekumsa haaraa babal’isuu kanneen jedhaman irratti xiyyeeffata. Asoosama qeequ keessatti jaargocha

yookiin sabseenaa asoosamichaa adda baasuun maal akka fakkaatuufi haala kamiin gochi raawwatame inni tokko isa biraarratti akka ijaarame adda baasuun qeequun barbaachisaa akka ta'e itti amana.

Qeequu jechuun hojii kalaqaa namni tokko barreesse namni biraan immoo waan achi keessatti barreessaan itti dabaleera yookiin irraa hir'iseera jedhu irratti hundaa'uudhaan ta'a. Qeeqa ogbarruu jechuun waan barreessaan tokko kalaqe bifa dhuunfaa ofiin yookiin akkaataa waa keessaa dinqisiifatanirratti hundaa'uudhaan qeequu jechuudha. Jechi qeeqa jedhu yeroo hedduu waa fashaleessuuf dhimma namni tokko itti gargaaramu fakkaata. Ogbarruu keessatti garuu qeeqa jechuun dhimma tokko irratti adeemsa qaaccessaafi madaallii gargaaramuun murtii ta'e irra ga'uudha. Kunis waan barreeffame tokko jabinaafi hanqina, faayidaafi miidhaa, sirrummaafi dogoggora gocha yookaan wanta dhuunfaa tokkoo ilaalchaafi haqa ta'uu ittiin adda baasnuudha. Kunis hir'inaafi jabina isaa adda baasuutiin kan raawwatu yoo ta'e iyyuu, ulaagaa dhimma tokko ittiin qeequ irra dhaabbatanii rakkoo adda baafame sanaaf yeroo itti furmaanni dhimmichaaf barbaadamuudha jechuudhaan ibsa. Maddi yaadolee armaan olii toora interneetiiti. (<https://www.enotes.com>)

2.3. Faayidaa Qeeqa Ogbarruu

Qeeqni ogbarruu faayidaalee garagaraa akka qabu hayyuulee baay'een ibsaniiru. Isaan keessaa amma tokko qorataan armaan gadiitti dhiheesseera. Haaluma kanaan Ellis (1974, f. 54), faayidaa qeeqa ogbarruu akkaataa armaan gadiin ibsa.

It has often been said that the purpose of criticism is to render the text more enjoyable to the reader, to encourage and excite his appreciation of the text Marxist literary criticism is a literary criticism based on socialist and dialectical theories. It views literary works as reflections of the social institutions from which they originate. ...In this thinking of the structure of societies, literary texts are reflections of the economic base rather than the social institutions from which they originate for all social institutions or more precisely human social relationships are in the final analysis determined by the economic base. According to Marxists, even literature itself is a social institution and has a specific ideological function based on the background and ideology of the author. to explicate it, and to

point out to him what he might other lucid have missed. Literary criticism helps us to go inside of text and understand the written work from many different view points.

Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti, kaayyoon qeeqa ogbarruu dubbisaadhaaf bohaartii, miira kaka'umsaafi gammachuu kennuudha. Akka dubbisaan waa'ee ogbarruu dhihaate tokkoo waan irra darbame hubatu gochuufiidha. Akkasumas, dubbisaa gara yaada tokkootti akeekuuf gargaara. Egaa qeeqa ogbarruu keessaa waa'ee waan barreeffamee tokko hubannoo akka qabaannu taasisa. Dabalataanis ilaalcha barreessaan waa'ee ogbarruu sanaarratti qabu hubannee ergaa darbaa jirus akka gara miira keenyaatti fidnuuf qeeqni ogbarruu bakka guddaa qaba yaada jedhu qaba. Akkasumas, xiinxala kalaqa hojii ogbarruu illaalchisee Peeter (2008,) faayidaa qeeqa ogbarruu yoo ibsu;

The evaluation of literary texts is something that readers almost always, automatically, and spontaneously, engage in. They judge the development of a plot and generate of pleasure or dislike at particular events; they feel that the text does not yield what they had expected, they find the author's style rewarding or awkward ... Evaluation is a significant activity both for individual readers and for cultures at large.

Akka yaada kanaatti qeeqni ogbarruu, hojii barreessaa tokkoo irratti jabinaafi laafina hojii isaa agarsiisuuf gargaara. Qeeqni sadarkaa ogummaa hojichaa kan agarsiisu waan ta'eef dubbisaan hojii isaa isa irra caalaa filatee akka dubbisuuf hubannoo isa dandeessisu akka argatuuf isa gargaara. Dabalataanis, Lazar (1993) akka armaan gadiitti ibsiteetti.

Literature itself has been greatly enriched by recent developments in the field of critical theory. Structuralism, reader response theory, feminist and Marxist critical are just some of the branches of critical theory which have been challenging the ways in which we read and understand literature.

Waraabbiin olii kun ogbarruun mataa isaatiin yaadiddamoota qeeqa ogbarruu ta'an kan akka caasessaa, qeeqa deebii dubbisootaa, qeeqa dubartummaafi qeeqa markisizimii jedhamuun beekamaniifi damee yaaxxina qeequ ta'an kunneen haalaafi mala ittiin dubbisanii hubachuuf ogbarruuf tooftaa addaa laataniidha jechuun ibsiteetti. Asoosamni jiruufi jireenya hawaasaa

waliin hidhata cimaa waan qabuuf rakkoo jiru furuuf qeeqni kan barbaachisuudha. Kanaaf hariiroo jiru bal'inaa kaasuun ni danda'ama.

2.3.1. Asoosamaafi hawaasummaa

Hawaasummaan qaama yaadimee bal'aa of keessaa qabu ta'ee asoosama waliin walitti dhufeenya cimaa qaba. Sababni isaas, ogbarruun calaqqee jiruufi jireenya hawaasaa waan ta'eefi. Kanaaf hawaasni hin jiru taanaan ogbarruunis hin jiru jechuudha. Asoosamni dhimma hawaasummaa dhiyeessuu keessatti gahee guddaa qaba. Keessumattuu dhimmoota akka aadaa, seenaa, diinagdee, siyaasaafi kanneen biro ifa gochuu keessatti gahee guddaa qaba. Yaaduma kana cimsuun Zarihuun (1998, f.154) irratti akkas jechuun ibseera. "Asoosamni tokko yeroo qophaa'u aadaa sabichaa, haala jireenya hawaasichaa,akkasumas,afaan hawaasichaallee haalaan nuttu agarsiisa." Jedha.

2.3.2. Asoosamaa fi Diinagdee

Jiruufi jireenya hawaasa tokko keessatti dhimmi diinagdee dhimma bu'uuraafi murteessaa ta'eedha. Dhimmoota diinagdeen wal qabatani hawaasa keessatti rakkoo uumaa jiranu karaa asoosamaatiin ifa baasuun ni danda'ama. Kanaaf asoosamni dhimma diinagdee dhiyeessuu keessatti walitti dhufeenya wal xaxaa achi keessa jiruufi caasaa garee hawaasaa gidduu jiruun wal fakkeessuun dhiyeessuu, kan saamuufi saamamu ogumaan kan dhiyeessuudha. Dhimma kana irratti Mario (2018, f.32) yoo ibsu; "The novels intricate relationship with the economy and class structure means that contradictions within its own contradiction can undercore anxieties and conflict present in society" jedha. Kanaaf asoosamni dhimmoota diinagdeedhaan walqabatan haala kanaan dhiyeessa.

2.3.3. Asoosamaafi siyaasa

Asoosamni siyaasa qabatamaan hawaasa keessa jiru mul'isuuf humna guddaa qaba. Haaluma kanaan Asoosamoota garagaraa keessatti rakkinaafi bal'ina uummanni Oromoo dabarse ifa ta'ee jira. kanaaf immoo kan raga ta'u asoosamoota bara 1983 ALHtti barreeffamaniidha. Asoosamni kunneen karaa kallattiinis ta'e al kallattiin xiyyeeffannoon isaanii garbummaa jaarraa tokkoo oliif saba kanarra ture kan ibsanu qabsoo bilisummaa kanneen leellisan hedduudha. Sabni Oromoos sirna abbaa hirree of irraa fonqolchuudhaan bilisummaa isaa akka gonfatu raajuudhaan

kan abdii agarsiisaniidha. Kanaaf hawaasni Oromoo dhimma ofii ilaalchisee quuqqaa, komiifi mufii dhimma siyaasaa irratti qabu ogbarruu isaatti fayyadamuun ibsata jechuudha.

2.3.4. Dhiibbaa Gita Cunqursaafi Cunqurfamaa

Siyaasni addunyaa kanaa dhala namaatiif baay'ee murteessaadha. Biyyi tokkos siyaasa mataa ishee fayyadamtee dhiibbaa jiruufi jireenya hawaasaa irratti geggeessiti. Itoophiyaa keessattis dhiibbaan karaa diinagdee, hawaasummaa, siyaasaa, aadaa, afaan, amantiifi kanneen biroon dhiibbaafi hacuuccaa cimaan adeemsifamaa kan tureefi har'as kan mul'atuudha. Haaluma, Asmaroon (2006, f.128) akkas jedha. "Historically, Gadaa has been seen as a better method kanaan uummanni Oromoo dhiibbaa irratti godhamaa ture of irraa faccisuu seenaa jaarraa dheeraa qabaachuun isaa beekamaadha. Haala bulchiinsaafi siyaasa uummuta Oromoo ilaalchisuun of governing than other forms in the region. The Gadaa system was oppressive in practice, though proclaimed as democratic and just in Oromo oral tradition."

Kanarraa wanti hubannu, uummanni Oromoo jaarraa tokkoon duratti sirna bulchiinsaa siyaasaa kan mataa isaatii qaba. Sirni kunis, sirna Gadaa jedhamuudhaan beekama. Sirni kun immoo sirna bulchiinsa biyyattii keessaa isa fooyya'aafi akka ta'etti kan amanamuudha. Haaluma kanaan, sirni bulchiinsaafi siyaasa uummuta Oromoo kan bu'uura sirna diimookiraasii kan addunyaan yeroo ammaa kana faarsaa jirtuufi kan biyyoota qarooman biratti fudhatama argatedha. Uummanni Oromoos sirna kanaan geggeeffamaa tureera.

Haa ta'u malee jaarraa tokkoon as mootummoonni biyya keenyaa bulchaa turan sirna kana diiguudhaan uummaticha gita bittaa garbummaa jala galchuun bitaa turaniiru. Akka Ibsaan (2003, ff.48-50) ibsetti, Minilik yaada sirnoota darbanii itti cimsee akka adeeme, inumaayyuu gochi ajjeechaafi qaama nama Oromoo ta'ee muruu inni raawwate kanneen isa dura turan irraa gara jabinaan kan guutameefi bakka bal'aa kan waliin gahe ta'uu ibsa. Kana malees, lafa Oromoon akka lafee isaatti ilaalu irraa fudhachuun ofii abbaa lafaa ta'anii Oromoo hojjetaa godhatanii ergama isaanii hojiirra oolchaa turan. Bara Minilik Oromoon dide ajjeefamee kan filannoo dhabee humna isaa jala galee akka jiraatuufi gama diinagdeen lafti isaa irraa fudhatamee akka ergamaa ta'u gochaa kan tureedha. Aangoo siyaasaa Oromoon sirna Gadaa kanarraa qabaachaa ture akka ukkaanfamu gochaa inni raawwate hamaa ture. Kanarraa wanti hubatamu, Oromoon aangoo diinagdee isaa, aangoo hawaasummaa isaa, aangoo siyaasaafi eenyummaa isaa akka dhabu taasifamee kan ture ta'uudha.

2.3.5. Waldiddaa Garee Hawaasaa

Bara 1848 yammuu Marxfi Eangels sirna “Communist Manifesto” barreessan keessa dhaadannoowwan hedduun walldhabdee garee hawaasaa laallatan dhaadatamaa turan. Dhaadannoowwan kunneen erga barreeffamanii waggoota 150 ol kanneen lakkoofsisan yoo ta’anillee jaarraa ammaatii wajjin hidhata cimaa qabu. Dhaadannoowwan kanneen keessaa muraasni kan Bowensfi kaawwan (2013, f.1) ibsaman, “The history of all hitherto to existing society is the history of class stuggles; workers an oppressed of the world unite” kanneen jedhaniidha. Yaadnisaas, hanga ammaatti seenaan hawaasa addunyaa seenaa waldiddaa garee hawaasaati, dafqaan bultoonni, cunqurfamtoonni addunyaa tokkummaa uumma qabu kan jedhu ture.

Akka Maarkisitti gareen biyya bulchu akka garee afkalaatti, gareen hojjetummoo akka dafqaan bulootaatti laalamu. Gareewwan kunneenis dhuunfaasaaniitti hariiroo oomishaafi mala oomishaa waliin qabaniin madaalamu. Gareen bulchu yookaan gareen afkalaa garee hawaasaa baay’ee xiqqoodha. Gareen kunis qabeenya hunda kanneen akka warshaalee, baankota, telekomunikeeshinii, kuusaa meeshaalee daldalaafi wantoota kanneen fakkaatan ofarkaa qabu. Angaawonni siyaasaa sirna kappitaaliizimii hedduunsaanii kallattiidhaan miseensa warra afkalaa yoo ta’an, muraasni isaaniimmoo miindenffamtootasaanii sadarkaa olaanaarra jiraniidha. Hoggattoonni, geggeessitoonni waajjiraalee, abbootiin murtiifi gulaaltonni galaalchaa hundinuu miseensa warra afkalaati. Gareen kun dafqa warra hojjetootaatti fayyadamuun bu’aasaa ol guddifachaa deema. Qarshii argame tokko akka waan qarshii caalu argamsiisuutti laalu. Sanumaanis humna dinagdeesaanii cimsachaa deemu. Qarshii argamerra qarshii biraan yammuu argamus kappitaala jedhuun.

Faallaa kanaatiin sirna kappitaaliizimii keessatti gareen dafqaan bulootaa garee baay’ina olaanaa qabu ta’ee, meeshaaleef tajaajila barbaachisoo ta’an kan dhiyeessuudha. Kaayyoon garee kanaa abbaa qabeenyaa ta’e tokkoof hojjetee of jiraachisuu qofaadha (Bowens and et al, 2013, f. 2). Hoji dhabdoonnis garee dafqaan bulootaa keessatti hammatamu. Hojiddhabdummaan sirna kappitaaliizimii keessatti amala beekamaafi barbaachisaadha. Gareewwan hojiddhabdummaan haalaan akka babal’atu taassisaniis jiru.. Sababnisaa hojiddhabdummaan yoo babal’ate hojjetoota hedduu miindaa gadaanaadhaan ramadachuu waan danda’aniif. Dhimma kana Habib (2011, f. 21) yoo ibsu,

The unemployed are also workers. Unemployment is constant and necessarily feature of a capitalism. The ruling class purposefully forces as a significant numbers of workers in to unemployment as a reserve army to compete with employed workers and to drive down wages. The reserve army also provides the capitalist with the flexibility to rapidly hire these unemployed workers at low wages during periods of economic expansion, jedha.

Wanni nama ajaa'ibu maatiiwwan hojii malee mana oolanis akka garee dafqaan bulootaaatti laalamu. Hojii kaffaltii hin qabne daa'imman guddisuun dhaloota haaraa hojicha itti fufsiisuu danda'u sirnichaaf qopheessu. Daa'immanis hirkattoota hojii gara fuula duraatiif leenjifamuuf eegamaniidha. Isaanis garee warra dafqaan bulootaaatti jechuudha. Yaada kana Marx and Engles (2013, f.62)

,"Stay at home parents are also members of the working class. Their unpaid labor is necessary to raise the next generations of workers for exploitation of the bosses. Children are workers' dependents who are being brought up and trained to be future workers. The children of workers are members of the working class," jedha. Haaluma kanaan dhiibbaa hawaasa irratti adeemsifamaa ture yaada hayyoota kanaan ilaalamuun fudhatama argateera.

2.4. Qeeqa Maarkisizimii

Yaadiddamni kuni kan uumame jaarraa 19ffaa keessa sababa yaadiddama karlii markiifi Firiderik Engles. Xiyyeeffannoon yaadiddama isaanis waa'ee qabsoo, dinagdee, aangoo hojjettootaafi hoggantoota gidduutti ka'een bu'uura godhachuuni. Walitti dhufeenyi namootni abbootii qa beenyaafi aangoo tahan irra caalaan dhiibbaa warreen kaanirraan akka geesisaa turan hubachuunni danda'ama. Akka amantaa namoota kanneen lamaanitti gareen hawaasaa warri dhuma garee abbaa qabeenyaa waliin qabeenya uumamaas tahe industiriin walqixa akka fayyadaman jajjabeessa. Yommuu yaadiddamni kuni ogbarruu keessatti qabatamaan hojiirra ooluu eegale; faayidaa barruun tokko hawaasicha keessatti qabu madaaluuf kan gargaareedha. Akka yaada yaadiddama ka naatti ogbarruun akkaataa itti aadaan hawaasa walxaxaa tahe keessatti babbal'atudha, hubannoon akkanaa kun immoo aadaa hawaasichaa haalaan kan qaru yookiin kan sirreessuudha.

Kana jechuun ammoo ogbarruun daawitii hawaasni keessatti of ilaalu duwwaa osoo hintaane, me eshaa guddaa aadaa hawaasichaa miidhaksuudha. As keessatti wantootni xiyyeeffannoo guddaan ilaalaman kanneen akka aangoo, siyaasaafi mallaqa akka galma tokkootti qabachuun walitti dhu

feenya inni barruu faana qabu ibsa. Yaadiddamni kuni dubbistoota of eegannoon barruu akka dubbisaniif kan afeeruudha. Yaada dubbistootaa kan daangessu osoo hintaane, bal'inaan akka hubataniif gargaara. Dubbistootni barruu sana gama hawaasummaan, seenaanfi haala qabatama il aaluuf kan gargaaruudha. Yaaxxinni Maarkistii yeroo duraatiif hawaasummaa, dinagdeefi siyaas a addunyaa kana jijjiiru jedhamee hordoftootasaatiin kan bu'uureffame malee ogbarruu ittiin hiikuuf, akkasumas qeequuf kan hundeeffame miti. Haata'u malee, gaaffii dubbistoonniifi qeeqoxni hedduun jaarraa sanaa kaasaa turanirraa kan ka'e akka yaaxxina ogbarruun ittiin qeeqamuu danda'u keessaa tokkootti fudhatame. Dhimma kanas Edward (1989, f. 91) yoo ibsu:

It does point to the lasting viability of Marxist literary criticism which continuous to appeal to many readers and critics. It is interesting to note, however, the principles of Marxism were not designed to serve as the theory about how to interpret text. Instead, they were meant to be a set of social, economic and political ideas that would according to their followers, change the world. Marxism established it self as part of the American literature scene with the economic depression of the 1930s. Writers and critics alike begin to use Marxist interpretations and evaluations of society in their work, jedha.

Akkuma yaada kanarraa hubatamutti yaaxxinni Maarkistii hojii ogbarruutiin walqabachuu kan jalqabe 1930moota keessa bara kufaatiin dinagdee mudachuu jalqabeedha. Yaaxxina Maarxistiin fayyadamanii ogbarruu hiikuufi madaaluun jiruufi jireenya hawaasaa agarsiisuu jalqaban. Kanarraa ka'uun qeeqni Maarkistii yaaxxina walqixxummaa hawaasaa falmii dhugaa bu'uureffate irratti hundaa'ee xiinxalaafi qeeqa gadi fageenya qabu kan deemsisuudha.

Ija yaaxxina Maarkistiitiin hojii ogbarruu tokko yammuu qeeqnuufi xiinxallu garaagarummaa garee hawaasaa tokko gidduu jiruufi hawaasdinagdee isaaniirratti xiyyeeffaanna. Kana jechuun akka yaaxxina kanaatti dhimmoonni hawaasummaafi siyaasaa kanneen akka barnootaa, falaasamaa, amantaa, mootummaa, aartii, saayinsii, teekinolojii, sabaa himaaleefi kanneen kana fakkaatan humna dinagdee hawaasa sanaarratti hundaa'u. Jabinaafi laafina hawaasa sanaa duuba dhiibbaa dinagdeetu jira jechuudha. Haala kanaan hawaasa keessatti gareen cunqursus, kan cunqurfamus bu'uuran dhiibbaa dinagdee duubasaatii qaba jechuudha. Yaada kanas Tyson (2006:53) yoo ibsiti. "For Marxism, getting and keeping economic power is the motive behind all social and political activities including education, philosophy, religion, government, the arts,

science, technology, the media and so on, ” jedha. Kanaafuu, caasaa olaanaan hawaasummaa yookaa siyaasaa yookaan ilaalchaa bu’uuraan dhugaa kanarraa madda jechuudha.

Dabalataanis, Hojiin ogbarruu sun xiyyeeffatees haa ta’u osoo hin xiyyeeffatin akkamiin haalota hawaasdinagdeefi waldhabdee hawaasaa calaqqisiisuu, barruun sun amantii qindaa’aa tokko itti qeequufi Hojiin ogbarruu sun garee kamiin akka jabaatti dhiyeesse, garee kamtummo laafaadha yookaan humna hinqabne yookaanis gareewwan hawaasaa hundinuu walqixa laaluu, Gareen jabaate maaliif jabaate, kan laafes maaliif laafe kan jedhu xiyyeeffata. Abbootiin qabeenyaafi Kanneen hacuucamaniifi humna hinqabne Yoo jiraatan akeekasaanii fiixaan baafachuuf akka meeshaatti Sabaa himaaleefi Ogbarruutti kan fayyadaman yoo ta’e, Yoomissi barruu sanaa waa’ee qoodiinsa qabeenyaafi dinagdee maal hima, Qomoon barreessaa garee hawaasaa kam keessaati, Hojiin ogbarruu sun eenyuun bakka bu’a, Bu’aan hojii ogbarruu sanaa eenyuun jajjabeessa, Namfakkiileen asoosamicha keessaa garee hawaasaa kamiin bakka bu’ufi fakkaattonni garee hawaasaa garaagaraa keessatti argaman haala kamiin walitti dhufu yookaan addaan bahu ni ibsa.

2.5. Maarkiisiizimiifi Ogbarruu

Yaaxxinni Maarkiisiizimii dinagdeerratti hundaa’ee hariiroo hawaasummaa gadi fageenyaan qorachuurratti akka fuuleffatu armaan olitti ilaaluuf yaalleerra. Ogbarruunis bu’aa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo akka ta’eefi wanti achi keessaa calaqqisus waan hawaasa sana keessatti bifa kallattiinis ta’e alkallattiin jiru malee waan addaa kan hawaasa sanaaf keessummaa ta’e kan nuuf dhiyeessu miti. Ka’umsuma yaada kanaatiin hayyuu Doble (2002:86), hidhata yaaxxinni Maarkiisiizimii ogbarruu waliin qabu yoo ifoomsu, “Literary texts are a reflection of the economic base rather than the social institutions from which they originate or more precisely human social relationships are in the final analysis determined by the economic base,” jedha. Akkuma ibsa hayyuu kanaarraa hubachuun danda’amutti barruuleen ogbarruu jaarmitaalee hawaasichaa caalaatti bu’uura dinagdee hawaasichaa calaqqisiisu. Hariiroon hawaasummaa ilmoo namaas bu’uurumaan dinagdee hawaasichaatiin murtaawa.

Akka hayyoota Maarkistiitti ogbarruudhumti mataasaatiin akka jaarmitaalee hawaasa tokkootti kan laalamu, akkasumas, seenduubeefi laalcha barreessituu yookaan barreessaarratti hundaa’ee

tajaajila ilaalcha murtaawaa tokkoof dhaabata. Yaada kanas Slaughter and Cliff (1980, f. 121) yoo ibsan, “According to the Marxist even literature itself is a social institution and as a specific ideological function, based on the background and ideology of the author,” jedhu. Akka ilaalcha qeeqoo Maarkisitti hojiileen ogbarruu bu’aa seenaa kan haala hawaasummaafi dinagdee hawaasa tokkoorraa argamu ta’uusaa ibsa. Kunis yaaxxina Maarkistiif dirree qorannooti. Yaada kanas Williams and Rymond (1977, f. 205)yoo ibsu:

Literatur is a particularly powerful tool for maintaining the social statusquo because, it operates under the guise of being intertainment, making it possible to influence an audience even when its members are unaware of beings swayed. It can lead people to accept unfavorable socioeconomic system and to affirm their place in it as the proper one. By doing so, it serves economic interests of those who are in power,jedhu. Haata’u malee, akka yaaxxina Maarkisiitti ogbarruu miidhaginasaa qofarratti hundaa’anii dubbisani yookaan qoratani kan darban miti. Barruu sana keessatti aadaa, hawaasummaafi dinagdee hawaasichaa gadi fageenyaan xiinxaluu gaariidha Dhimmoonni kunneenis barreessaadhaan itti yaadamanii yookaan osoo itti hinyaadamin hojii ogbarruu sana keessatti mul’achuu danda’u. Sababnisaa, ilmoon namaa mataasaatiin bu’aa hawaasdinagdeefi ilaalcha naannoosaa waan ta’eef.

2.5. Bu’uuraafi Caasaa Maarkisizimiin Irratti Hundaa’e

2.5.2. Diinagdeefi Qeeqa Ogbarruu Maarkisummaa

Akka Maarkisistootaatti wantoonni hawaasa keessatti uummanni hundumtuu irratti hundeeffama n diinagdee irratti. Hayyuun sieget (1970, f. 10) akka ibsutti Maarkisiizimii bu’uureffachuun “The economic relation forces and reletions of production or modes of production are the primary determining factors in alla social reletions” jedha. Yaadni kun diinagdeen isa bu’uuraa ta’uufi haalli jiruufi jireenyi hawaasaa qabeenya irratti hundaa’uu agarsiisa.

2.5.3. Ilaalchaafi Ogbarruu Maarkistotaa

Mala qeeqa Maarkistotaan yaada ilaalcha jedhuuf hiika qabatamaa tokko kennuun nama dhiba. Sababni isaas, Maarkisitoonni adda addaa yaada ilaalcha jedhuuf karaa adda addaatiin hiika kennaniiru. Engles(1976) akka ibsutti; “The illusion that creates false connsciosness in people who believe the ideological representation of how the word works and thus misperceives, or deos not see at all, how the world really or objectiveif workis” Hiikni isaa, yaada uummataa akkaataa ittiin of hubataniifi ittiin bulan ta’ee yaadni kun ammoo, dhugaa hawaasicha keessatti hojiirra oolaa jiru kan calaqqisisuudha jedha.

2.6 Yaadiddamni markistii qabxiilee inni irratti xiyyeeffatu

Ogbarruun kan ibsu yaada, amantaa fi soona aadaa hawaasa sanaati. Faayidaan ogbarruu inni guddaan dhimma yookiin yaada walmormisiisaa tahe keessatti yoo hirmaateedha. Ogbarruun qab soo aangoo ibsuu (aangoo gama saalaa, dinagdeen, hawaasummaani fikkf)fi akkamitti akka itti uumameefi bu'aan isaa moo maal akka tahe adda baasuun kaa'uu. Ogbarruun ibsa wa'ee barreessaa, dubbisaafi hirmaattotaa beekumsa akkamii akka qaban yookiin beekumsa dhabuu isaani haala dinagdeefi hawaasummaan akkamitti akka ka'ame kan ibsu Ogbarruufi barreessaan waliin tahuun akkataa dubbisaan hubachuu danda'aniin wa'ee hawaasichaa agarsiisuu qaba malee hogganuu hinqabu.

2.7. Sakatta'a Qorannoolee Walfakkaatanii

Mata duree kana jalatti qorannoowwan kanaan dura hojjetamanii mata duree qorannoo kana waliin walfakkaatan iddoo itti sakatta'amaniidha. Barbaachisummaan mataduree kanaa walitti dhufeenyaafi garaagarummaa qorannoon kun kanneen biroo waliin qabu bakka adda bahee itti ilaalamuudha. Haaluma kanaan asoosamoota afaan Oromoo namoota adda addaan tiin qorataman sakatta'uun kan dhiyaataniidha. Kanneen keessaa Kan Maremaa Abduu (2011) xiinxala asoosama 'Arraa Gurbaa' ija yaaxxina markisizimiin dhimmoota kanneen akka siyaasa, diinagdeefi, ilaalchafi ergaan asoosamichaa haaala yeroo asoosamichi keessatti seeneffameen kan walsimu ta'uu xiinxalteetti. Argannoo ishee saamtonni muraasni shira xaxuudhaan daldaaltota hedduu gabaa keessaa baasuu, Wayyaanonni qabeenya Oromiyaa saamuun duroomuuf gocha suukanneessaa gochuu, maqaa misoomaatiin saamicha hamaa ta'e geggeessuu fa'i.

Akkasumas, Raajii Mokonna (2012) xiinxala asoosama Miila Hin SHokoksine ija yaaxxina markisizimiin qorannoo ishee geggeessiteetti. Xiyyeeffannoon qorannoo ishee qabsoon gitaa uummanni Oromoo dabarse, haala qabatamaa hawaas-diinagdeefi ilaalchi markisizimii hammam akka agarsiifame asoosama filatte kan bu'uureffachuun xiinxalteetti. Kaayyoon qorannoo ishees dhimmoota kanneen irratti kan xiyyeeffatuudha. Argannoon ergaan asoosamichaa dhimmoota uummata Oromoo xiyyeffatan ta'uu, sabni Oromoo cunqursaa keessa akka turefi cunqursaa kana keessa ba'uufis qabsoo barbaachisaa gochaa kan ture ta'uu adda baasteetti.

Akkasumas, Lemlem Taayyee (2013) “caaseffama aangoo koorniyaa asoosamoota Suuraa Abdii , Hawwiifi Illaa yaaxxina maarkistootaan dubartummaatiin, jedhu irratti qorannoo geggeessite. Kaayyoon qorannoo ishee, asoosama filataman kana keessatti caaseffamni aangoo koorniyaa maal akka fakkaatan sakatta’uun qaaccessuudha. Argannoo qorannoo ishee, dubartoonni rakkoo ofii furuuf dandeettii dhiiraa irratti hirkachuutani, ijoolleen dubartootaa maatii isaaniif meeshaalee rakkoo hiyyummaa jalaa ittiin bahan godhaaii ilaaluu, caasaa aangoo maatii keessatti olaantummaa kan qabu dhiira ta’uudha.

Dabalataanis, Mikaa’el Fiqraalem (2008) “study of the influence of Marsism on Bealu Girma’s Three novels: Haddis Yekey kokeb tiri and Dersiw” mata duree jedhuun asoosamoota Ba’aaluu Girmaa sadii xiinxaleera. Argannoon qorannoo isaa asoosamoonni filataman haala qabatamaa hawaasummaafi siyaasa biyyatti yeroo darguu kan mul’isu ta’uu agarsiiseera. Mil’uu sooshaalizimiif qabus namfakkiiwwan abdi qabeessa, hawaasa isaaniif of eeggataniifi of kennan ijaaruun agarsiisuu isaa mul’iseera. Xiyyeeffannoon isaas sooshaalizimii bara dargiiti.

Walumaa galatti, qorannoon yeroo adda addaa geggeeffaman kun walfakkeenyi isaanii ija yaaxxi na maarkisizimiin xiinxalliin irratti kan adeemsifame ta’uudha. Garaagarummaan isaanii immoo asoosamoota garaagaraa yeroo adda addaa keessa barreeffaman irratti xiyyeeffachuufi qabxiilee bu’uuraa isaanii irratti xiyyeeffachuun argannoo isaan irra gahaniidha. Haaluma kanaan qorannoo kanaa wajjinis, walfakkeenyi isaanii ija yaaxxina maarkisizimiin xiinxalli adeemsifamuu yammuu ta’u, garaarummaan gidduu jiru immoo asoosama filatame, gaaffilee bu’uuraafi argannoo qorannichaati.

BOQONNAA SADIH MALLEEN QORANNICHA

Boqonnaa kana jalatti akkaataa qorataan malleen qorannichaatti dhimma bahu ifa ta'ee jira. Kanumarraa ka'uun saxaxni qorannichaa, gosti qorannichaa, maddi ragaa qorannoo, iddattoofi eddatteessuu, meeshaaleen funaansa ragaaleefi malli xiinxala ragaalee walduraa duubaan qindaa'anii jiru.

3.1 Saxaxa Qorannoo

Qorannoon kun asoosama *Booree 096* jedhu ija yaaxxina Maarkisizimiin kan xiinxalli irratti geggeeffame ta'ee, yaadolee asoosamicha keessaa walitti funaanaman dhimmoota akkamii akka ibsan, erga adda baasee booda, bifa walii galaan ija yaaxxina maarkiisizimiin xiinxalamani, mala qorannoo akkamtaan qaaceffaman; akkasumas saxaxa ibsaan ibsamani dhihaatan. Yaada kana kan cimsu Dastaa (2013, f.29) irratti ibseera. "Qorannoon mala akkamtaan geggeeffamu tokko odeeffannoo argate, mala addeessatiin yookiin mala ibsaatiin dhiyeessuuf gargaara" jedha.

3.2 Gosa Qorannichaa

Hojii qorannoo kanaatiif ragaa qorannichaa sassaabuufi malli qorannoo akkamta filatamuun hojii ooleera. Gosti qorannoo kun kan inni filatameefis, faayidaa waan qabuufi. Haaluma kanaan qorannoon akkamta ragaalee odeeffannoo sassaabuufi gadifageenyaan xiinxaluu, ibsuuf gumaacha guddaa qabuuf hojii qorannoo kanaa keessatti filatameera.

3.2. Madda Ragaa Qorannichaa

Qorannoo kanaaf madda raga kan ta'u asoosama *Booree dha*. Qorataan ragaalee barbaadu yaa xxina maarkisizimii irratti xiyyeeffachuun kitaaba erga sakatta'ee booda, xiinxaluun ibseera. A soosama filatame kanas madda ragaa jalqabaa taasifachuudhaan itti fayyadame.

3.3. Iddattoofi Tooftaa Iddatteessuu.

Qorataan qorannoo kanaa qeeqa asoosama *Booree 096* jedhamu kanaaf odeeffannoo argachuuf mala miticarraa fayyadame. Mala miticarraa keessaa immoo, mala iddatteessuu kaayyeffataatu hojii oole. Irraawwatamni qorannoo kanaa asoosama *Booree 096* yoo ta'u, asoosamni kunis kan filatame tooftaa iddatteessuu kaayyeffataatiini. Sababiin asoomni kun qorataan filatameefis, mataduree qorannoo isaarratti xiinxala geggeessuuf asoosamoota jiran keessaa yoomessa keessatti barreeffameen gaaffilee qorannoo isaa waan deebisuu danda'uuf. Dhimma

kana ilaalchisee Addunyaan(2011, f. 66) faayidaa iddatteessuu kaayyeffataa akkas ibsa. “Iddatteessuu kaayyeffataan akaakuu iddatteessuu miti-carraa keessaa tokko ta’ee kan qorataan beekumsa dhimmichaa irratti qabu irraa kauun kanneen odeeffannoo sirrii ta’e, irraa argachuu danda’a jedhee amanu, ofii isaatii kan murteessuudha” jedha.

3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoon kun xiinxala kitaabilee asoosamaa waan ta’eef, tooftaan qorataan gargaaramee odeeffannoo fudhate, sakatta’a dookumentiiti. Asoosamni *Booree* jedhamu madda odeeffannoo qorannoo kanaati. Bu’uuruma kanaan qorataanis, haala itti dhimmi qeeqa maarkisizimii asoosama fi latame keessatti dhihaatan irratti qabxiilee qorannichaaf gargaaran funaannachuudhaaf sakatta’a dookumentii taasise. Qorataan gosoota barreeffamaa keessaa asoosama qorannoo kanaaf filatame gadifageenyaan dubbisuudhaan ragaalee qorannichaaf barbaachisan walitti qabate.

3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoo mataduree qorannoo kanaa irratti argamu qaaccessuufi hiikuuf malli qorataan itti gargaarame mala akkamtaati. Odeeffannoo mala akkamtaan walitti qabame qaaccessuufi hiikuuf qorataan waan dubbisee hubate qindeessuudhaan dhiheesse. Kanaafuu qorannoo kana keessatti odeeffannoowwan sakatta’a dookumantiin argaman akkamtaan xiinxalame. Qorataanis sakatta’a dookumentii fayyadamuun ragaalee qorannoo isaaf gargaaran kan walitti qabate yoo ta’u, qeeqa Maarkisizimii gargaaramuun asoosama qorannoo kanaaf filatame xiinxale.

Bu’uuruma kanaan qorataan asoosama kana keessatti gaaffilee bu’uuraa irratti xiyyeeffachuun dhimmootni maarkizimiin walqabatan haala kamiin akka dhihaatan argisiise. Yaada kana kan deggeru Zoltan(2007, f. 126) Qualitative research on the other hand, focuses on describing, understanding, and clarifying a human experience and therefore qualitative studies are directed at describing the aspects that make up on idiosyncratic experience rather than determining the most likely, mean experience, within a group. Yaada hayyuu kanaa irraa akka hubatamutti qorannoon qulqulleeffataa xiyyeeffannoon isaa muuxannoo jiruufi jireenya dhala namaa guyyaa guyyaan mul’atan addeessuu, hubachiisuufi ibsuu akka ta’eefi keessumaa beekumsa gareen hawaasa tokko qabu ifa baasuun addeessuu irratti bu’uureffata.

BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALAA

Boqonnaa kana keessatti odeeffannoowwan gaaffilee bu’uura qorannichaafi kaayyoo qorannicha arratti hundaa’uun kitaaba asoosama *Booree 096* Keessaa, mala qorannoo boqonnaa sadaffaa keessatti ibsameen, walitti qabamantu gadi fageenyaan xiinxalame. Xiinxalli taasifames mala akkamta yookaan jecha jechaan ibsuu bu’uura godhateeti. Odeeffannoowwan kunneen yammuu hiikamanis kanneen yaadni isaanii walfakkaatu mataduree tokko jalatti qindaa’uudhaan tokko tokkoon xiinxalamaa deeman. Kana jechuunis odeeffannoowwan walfakkaatoon mata duree walfakkaataa jalatti dhiyaatanii xiinxalaman jechuudha. Tartiibni dhiyaannaa isaanis akkaataa qorataan kaayyoo qorannichaa itti qindeessee kaa’aterratti hundaa’a. Haala kanaan, caasaalee git oota garaagaraa ijaaraman, dhimmoonni hacuuccaa hawaasdiinagdee, waldhabbi gita hirree abu ufi gita cunqurfamaafi cunqursaa siyaasaa ija yaaxxina maarkistiin kan xiinxalamaniidha.

4.1. Sabseenaa Asoosamichaa

Hamarsan abbaa isaa obbo Ligdiifi Haadhasaa Aadde Moominaa irraa magaalaa jimmaatti dhalate. Abbaafi haatisaa barsiisota. Obbo Ligdiin Wallagga Bahaatti dhalatanii barnoota isaanii erga xumuranii booda magaalaa Jimmaatti ramadaman. Hojii idilee isaanii bira qabsoo Oromoota fiiniinsuu keessatti qooda guddaa qabu. Sababa kanaaf mootummaa biyya bulchaa tureen walii galan. Dhiibbaa irra ga’een hojii mootummaa gadhiisanii gara qonnaatti deebi’aniiru. Obbo ligdiin abdi isaanii osoo hin kuti qabsoon karaa ilma isaanii darbee akka itti fufu taasisaniiru. Yeroo humni isaanii dadhabettis ergamni qabsoo kun Oromoota hunda akka qaqqabu gara dhumaatti dhaammataniiiru. Haatisaa sababa diddaa garbummaan irraa kan ka’e jeequmsi mana barumsaa keessatti ka’een wareegamte. Inni kan guddate magaalaa Naqamtee obboleettii abbasaa biratti. Barnootasaa kan baratee xumureefi kan itti of bare magaalaa Naqamteetti. Xiqqummaa isaatii ka’ee abbaa isaa irraa waa’ee qabsoo Oromoo hubatee waan beekuuf hiriyoota isaa waliin dhimma tokkummaa Oromootaa dubbachuu hin callisu.

Hamarsan hiriya isaa ijoollummaa kaasanii waliin baratan Helen waliin carraa barnootaatiin gargar fagaataniiru. Helen carraa barnoota alaa waan argatteef isarraa fagaattetti. Baayyee jaallataan. Inni ergama guddaa waa’ee tokkummaa saba Oromoo kallatti hundaan barsiisuu eegale. Kunis, magaalaa Naqamtee gaara Koomtoo iddoo jedhamu galma walgahii qabsa’otaafi hayyoota Oromoo hundeessan keessatti. Iccitii guddaan tures *Booree 096* kan jedhu ture. Kunis Oromiyaa guutummaa keessa tamsa’ee akka wal gahu adeemsi taasifameera.

Dabalataanis, qindoomina seenaafi siyaas-diinagdee akkasumas teeknooloojiin fuulduraa haalaan milkeessuu ga'ee guddaa taphateera. Jireenyi adeemsa karaa fagoo yoo taateyyuu deemsa hubannoofi xiyyeeffannoo qabuun akkasumas, waldhaansootiin mo'uu qabna jedha. Kun ta'uu baannaan falaasamnifi yaadiddamni keenya rarra'ee akka hafu dubbata. Jireenyi taphaa ala nu taasisa. Qooddataa biraan Diinaa'ol jedhama. Barnoota xumuree ramaddii waan dhabeef gara adda waraanaa deeme. Achittis jaallatamummaa argatee iddoo guddaan kennameeraaf. Haa ta'uu garuu yaadni isaa waa'ee quuqama saba isaa waan qabuuf ni shakkama. Kanaaf jecha yeroo baayyee ni qoratama, ni hidhama ni dararama. Hamarsan Waliin hiriyyaa waan ta'aniif Iccitii gaara koomtootti 'Beeree maal akka tae gaafateen. Kunis, '0' koodii iccitii qabatan, immoo hundeeffama waggaa 96^{ffaa} isaa ta'uu hubachiise. Koodiin 021 immoo '0'n kaadii jalqabbii yammuu ta'u '21'immoo namoota yeroo jalqabaa iccitii kan hundeesaniidha.

Kaayyoo kana milkeessuuf tooftaan iccitii waraanaa dabarsee kenna. Garee waraanaa isaa kan hogganu namoota sabummaan Amaaraa ta'aniidha. Diinaa'ol hoggantoota kana wajjin walii hin galu. Iccitii bultoo isaaniis dabarsee kennuu hoggantootaafi kan isa jibban hedduu galaafateera. Rakkoolee misoomaa kanneen akka ibsaa, karaafi hawaasni bara baayyee ittiin miidhame quuqama qabu dubbata. Akkasumas, Barattuun Helan jedhamtu hiriyyaa Hamarsan kan taate barnoota ishee sadarkaa ol aanaa osoo barachaa jirtuu dhiibbaafi ari'atama ijoollee yuunivarsiitii xiyyeeffateen gara biyya ollaatti baqatte. Achis fira waan qabduuf barnoota ishee itti fufuu dandeessetti. Barnootatti cimtuu waan taateef carraa barnootaa biyya Awustraaliyaa argattee deemtee baratte. Yuunivarsiitii itti ramadamte keessattis qabxii gaarii galmeessite.

Kanaafis badhaasa barbaachisaa fudhatteetti. Haa ta'uu garuu Helen erga yuunivarsiitii sana galtee humnoota dhoksaan hordofanti. Dhuma irrattis gara biyya ishee yammuu galuuf qophoofu humna ijaaramee jiruun gara biyya iseraa'el geessamte. Biyyi sunis beekumsa ishee irraa fayyadamaniis meeshaalee waraanaa gurguddaa akka isheen oomishtu taasisan. Beekumsaafi dandeettii qabduun biyya isheef akka hin hojjenne dhiibbaa cimaa taasisaniiru. Kana erga darsitee gara biyyaa galtee Hamarsan waliin wal arganii qabsoo jireenyaa osoo taasisanii naannoo Hamarsanfaa jiranitti lolli cimaan garee lama gidduutti baname. Gareen kun humna addaafi masaadota taran. Hamarsanfaa lola kan miliquuf holqa mukaa keessa dhokatan. Gareen kunis walitti dhukaasuu dhiisanii gara Hamarsanfaatti dhukaasuu eegalan. Hamarsanis osoo jilbaan daa'imee foqoquu rasaasaan rukutame. Xiqqoo tures of wallaale. Hafuura

baafachaa iddoo Helen jirtu dhaqee irratti kufe. Lachuun isaanii yerooma sana addunyaa kanarraa boqotan.

4.2. Caasaalee Gitoota garaagaraa Asoosamichaa keessatti ijaaraman

Asoosama filatame kana keessatti caasaalee gitoota garaagaraa ijaaramanii ni argamu. Caasaaleen kunneen ilaalcha garaagaraa kan qaban, kaayyoo, ergamafi mul'ata mataa isaanii qabatani kan deemaniidha. Haala jiruufi jireenyaa keessatti gareen namootaafi ilaalchi isaan qaban maal akka fakkaatu ibsameera. Akkasumas sirni ittiin bulmaataa qabsoo gitaafi jijjirama isaaniifi Ilaalchi yaada gareewwan olaantummaa qabani adda bahee ifeera.

Dabalataanis gitaaleen asoosama kana keessatti ijaaramanii argaman qabsoo siyaasaa hordofuun dhiibbaa uumaa kan turaniidha. Gama barnootaanis, tokkummaa ibsuu, guddina teknooloojii ilaalchisee uummata Oromoo irraa maaltu akka eegamu gitoota kanneeniin calaqqiseera. yaadni gareewwan aangoo qabaniis ijaarama asoosama kanaa keessatti bal'inaan kan mul'atuudha. Kanurraa ka'uudhaan qorataan gaaffilee bu'uura isaa irratti xiyyeeffachuun haala kanaa gadiitiin ka'eera.

“An Hamarsan baayyee dadhabeera isin kana booda qeerroon ciminaan itti deemu qabdu. Ati erga yuunivarsiittii Finfinnee eebbifamtee baatee jiruu kaan dhiistee, ergama guddaa qabattee deemuun kee kun seenaa guddaadha. Kanin sitti himu keessaa sammuun akka si hin ceephaane seenaan akka si hin gaafannetti biyya keef hojjechuu qabda. Qabsoon hadhooftuufi yeroo dheerraa fudhata.” Obbo Ligdiin bakka taa'anitti Hamarsaniin akkana jedhaniin. (Gammachiis 2020, f. 36)

Waraabbiin kun sabni Oromoo hanga bilisummaa barbaadaa jiru bira gahamutti akkaataa itti dhaloota boodaatti qabsoo itti fufsiisan agarsiisa. Qabsoo Oromoo keessatti gaheen qeerroofi qarree tilmaamuun ni ulfaata. Kanaaf dhaloonni duubaan dhufu icciti qabsoo oromoofi gootota isaa beekuu qaba. Barattoonnifi hayyoonni dhimma saba kanaa caalchisanii xiyyeefachuu ni barbaachisa. Biyya isaaf dhimmee kan hojjetu nama qofa osoo hin taane seenaatu yaadata. Daandiin qabsoo ni dheerata. Miidhamaafi dadhabbi baayyees nama gaafata. Garuu qabsoon hanga bilisummaatti waan ta'eef qabsaa'aan yeroo dadhabu dhaammatee dabarsa.

Moominaan mana barumsaa sad.2ffaa barsiisaa turte. Barattoota bara sana turan mootummaan yeroo sanaa mana barumsaa keessaa filatee fuudhee dirree lolaatti ergaa ture. Moominaanis akkas jettee mormaa turte “Manni barumsaa dirree barnootaa malee

dirree siyaasaa miti,barattoonni haa baratan akka hin hidhamne,dirqamaan dirree lolaa deemuu hin qaban” jechuun balaaleffachaa turte. (Gammachiis, f. 41)

Yaada olii kana irraa waanti hubatamu sirni mootummaa yeroo sana biyya bulchaa jiru mirga barattoota sarbuun gara dirree waraanaatti oofaa kan tureedha. Barattoonnis fedhii isaanii malee kaayyoofi karoora isaanii addaan kutuun hacuuccaa gita olaantummaa qabuu kanaan miidhamaniiru. Akkasumas, hojjettoonni mmoatummaas manni barumsaa dirree siyaasaa osoo hin taane bakka beekumsa itti horatan waan ta’eef, barattoonni dhimma waraanaa kana irratti hirmaachuu hin qaban jedhu. Gitni kun hirree isaatti waan fayyadamuuf barattoota morman ni hidhu humnaan, fuudhanii deemu. Gochi akkanaa akka ta’uu hin qabne humni baratee barsiisaa jiru ni balaalfata. Jibbiinsa mormii gocha gita hirree qabu kanaa yaada kanarraa kan hubannuud ha.

Almuugniin , Heelaniin, akkas jedheen. “yoo qabamtees harkaa bahuuf hin carraaqin si ajjeesuu danda’u amma humnoonni kun marti beekumsa keefi ogummaa keef si barbaadu kan biroo immoo ogummaa dizaayiinii meeshaa waraanaa misaa’ili adda ta’een nuuf hojjetta jedhanii waan yaadaniifiidha.”Wantan si dhaggeeffadhuuf hin qabu, nama biyyaadha si se’een ati garuu gantuudha.”jette Heelan itti adeema. “Namoonni as jiran irra caalaan isaanii kan ati beektuudha. Waan taatu hin qabdu amma callisii xiyyaara seeni . Yoo didde karoora dhumaa addunyaa kanarraa qabdu beeki.”jedheen. Heelan yammuu gara xiyyaaraatti deemtee ilaaltu piroofeeser Giraamfi kiristiinaan keessa jiru isaaniin ilaaltee aariin ishee baayyee dabale waan dubbattu wallaalte.(Gammachiis 2020,f.144)

Yaada armaan olii irraa kan hubannu;biyyoonni guddatan tooftaa isaan ittiin namoota dandeettii cimaa qaban gara biyya ofii isaaniitti geessuun itti fayyadaman agarra. Humnoonni basaastota Ameerikaafi Israa’el biyyoota adda addaa irraa ijaaramanii dhufan ergama iccitii biyya isaanii fidanii dhufan galmaan ga’uuf Helaniin hordofuu eegalan. Hiriyooni ishees akka hordofamaa jiran itti himan. Haa ta’u malee, Helan iccitii hordofamtuuf hinbeektu. Garuu shakkii jiru bira bira geesseetti. Namni Helanfaa waliin wabeeku Almuugniin, ergama gita hacuuccaa geggeessuu baatee waan jiruuf Helan kiyyoo jaraa keessaa bahuu akka hin dandeenye abdiin kan katachiiseedha. As keessatti gitni hirree qabu numatti fayyadamee kan nu miidhu ta’uu agarsiisa. Helan beekumsa gahaa waan qabduuf gita olaantummaa qabu kanaa qabamtee deeme.

Beekumsa qabdu kanaan hojii saba ishee osoo hin hojjetin dhiibbaa gita kanaan biyya hormaa akka dalagdu ta'e. kun immoo hayyoota hedduu dhabnee akka jirru calaqqisiisa.

Dabalataanis, kan hubatamu rakkoo guddaa biyyoonni guddatan biyya guddataa jirtu irraan gahan agarsiisa. Namoonni faayidaa dhuunfaan gowwoomfanii biyya isaanii beekumsaafi humna qabaniin akka hintajaajille, eenyummaa isaaniillee akka jijjiiratan godhaniiru. Kun immoo namoota muraasa osoo hin ta'in barataa beekumsa qabu biyya isaanii qofaaf akka hojjetu mul'isa. Humnoonni kallattii garagaraan ijaaramanii arganis xiyyeeffannoon isaanii inni guddaan jaalala biyya isaaniifi guddina biyya isaanii olkaasuu qofa irratti. Dabalataanis, aangoo qabanitti dhimma bahuun Heelan iddoo kamillee deemtee hojjechuu akka hin dandeenye daangessaniiru. Akkasumas, lammiiwwan Oromiyaa keessaa gara isaaniitti fudhatan illee walii isaanii akka amansiisanii lamummaa kan biyya isaanii dirqamaan fudhatan godhaniiru. Kun immoo dhiibbaa guddaa biyyoota guddataa jiran irratti uuma.

“Addunyaan kun ni bari'a, nidukkanaa'a, guyyaa guyyootaan ji'i ji'ootaan , waggaan waggootaan bakka bu'uun jijjiirama. Garuu, kanneen amala isaanii gad hin lakkifne ni jiru fakkeenyaaf bofni bineensota keessaa amala tokko namatti argisiisa yeroo jibbaas namatti marama. Namni bineensa keessaa baayyee rakkisaafi isa hamaadha. Ilaalchaan, a malaan, dandeettiin, ogummaan, beekumsaa, Amantiifi aadaa garagaraa kan qabuudha. Kanaaf, nuti garaagarummaa keenya akka miidhaginaatti ilaallee tokkummaa keenya haa cimsinu. Tokkummaan jaalala, ciminaafi moo'ichaadha.” Naa'oliifi Jaafariin ilaalee. “Ani dhimma kanaa baroota hedduuf itti dhama'aan jira. Hanga lubbuun kiyya tokkittiin aarsaa ta'utti hin dhiisu qabsoo hadhooftuu geggeessuu qabna.” Jedhe Naa'ol.

(Gammachiis 2020, ff. 5-6)

Keeyyata olii wantoonni baayyeen yeroo isaanii eeganii jijjiiramaa kan deeman ta'uufi haalonni garaagaraa bakka kan buusan ta'uu agarsiisa. Haa ta'u malee namni bineensota keessaa garaagaammaafi amala adda addaa kan qabu ta'uu hubanna. Garaagarummaan keenyaan immoo yammuu walitti dhufnu waa tokko ijaaruufi diiguun akka danda'amu agarsiisa. Kunis wareegama lubbuu kan gaafatuudha. Kanaaf gareen caasaan ijaaraman kun akka isaan gara fuulduraatti kaayyoo walfakkaataa qabatani socho'aniidha.

“Nu hunda har'a kaayyoo tokkotu walitti nu qabe, innis biyya keenya saayinsiifi teeknooloojiitiin guddisuuf dhimmamtootni jalqabaa nuyi waan ta'eefidha. Daandii,

buufataalee fayyaa, barnoota bishaan, humna ibsaa, qonnaa ammayyaafi hojiilee misooma adda addaa biyya keenya keessatti dalaguuf kana hunda fooyyessinee sadarkaa guddaarra geessisuuf tokkummaan keenya baayyee murteessaadha. kanaaf tokkummaa haa cimsinu. Akkasumas biyya keenya keessatti mirga namoomaafi diimookiraasii kabachiisnee, nageenyaafi misooma amansiisaa biyya keenyaaf diriirsuudha. Afaaniifi aadaan keenya akka dagaagu, addunyaatti afaan qo'annoofi qorannoo ta'ee akka beekamudha. Jaalleewwan marti sababa kanaaf qabsoo hadhooftuu waggoota hedduuf qabsaa'aa turan, nutis har'a dhaloonni kun qooddattootaadha. Jedhe Naa'ol. (Gammachiis 2020, f. 167.)

Waraabii olii kun karaa ittiin guddinni biyya keenyaa dabaluu keessaa inni ijoon tokkummaa qabaachuu akka ta'e ibsa. Caasaa ijaarame kunis kaayyoo tokko qaba. Biyyicha gara saayinsiifi teeknooloojiitti ceesisuudha. Akkasumas, rakkoo daandii biyyaattiin qabda furuuf, tajaajilaawwan hawaasaa kanneen akka buufata fayyaa, bishaan ibsaafi misooma irratti jijjiirama saffisaa fiduuf gahee guddaa akka isaan qaban ifatti lafa kaa'a. Dabalataanis ilaalchi caasaalee kanaa mirgoota namummaafi diimokraasii kabachiisuun nageenya amansiisaa fiduudha. Afaaniifi aadaan Oromootaa gad aantummaa keessaa bahee sadarkaa addunyaatti akka beekamu kaayyoo isaaniiti. Jaalleewwaan qabsoos sababa kaanaaf akka wareegaman ifatti kan mul'atuudha.

Diina'ol waa'ee koomtoo waan hundi waan adda itti ta'eef Hamarsaniin maal akka ta'e gaafateen. "lakkoofsi 096 kan agarsiisu koomtoo waggaa 96^{ffaa} irratti keessi isaa hojjetamee xumurame. Dhalootaa dhalootatti darbaa jira. Lakkoofsi zeeroo kan itti dabalameef koodii miseensonni bifa iccitii qabuun waliif ergaa dabarsaniidha. Lakkoofsi 021 jedhu kan agarsiisu koodiidha.koodiin kun yeroo jalqabaatiif koomtoo namoota 21 ta'anii hundeessan,akka miseensotaaf ta'uuf zeeroon immoo iccitii kan ittiin walii dabarsaniidha. Namoonni 21 kun waggaa dheeraa dura aarsaa ta'aniiru. Walumaa galatti 096fi 021 koomtoo keessatti bifa dhoksaatiin wanta hojjetamuufi miseensonni isaanii addunyaa irra bittinnaa'anii jiran koodii itti fayyadamaa ta'ee tajaajila.(Gammachiis 2020, f. 122)

Waraabiiin olii kun iccitii miseensonni garee tokkoo qaban kan mul'isuudha. Miseensonni garee tokkoo kunis akkaataa ijaarama iccitii isaanii kan wal hubachiisuudha. Iccitiin koodii '096' kun iccitii walii galteefi yeroo hundeeffama isaanii kan ibsuudha. Akkasumas koodiin '021' namoota

yeroo jalqabaa walitti dhufanii ijaaraman ta'uu waliif kan ibsaniidha. Haaluma kanaan miseesonni kun ijjennoo cimaan ijaaramanii qabsoo isaanii kan itti fufaniidha.

4.3. Hacuuccaa Gama Hawaas-Diinagdeetiin mul'atan

Hawaasni diinagdee gaarii qabu siyaasa tasgabba'aafi jireenya mijataa uumuu danda'a. Hawaasni diinagdeen miidhamaa ta'e immoo faallaa kanaati. Diinagdeen jiruufi jireenya dhala namaa waliin hidhamiinsa cimaa kan qabuufi dhimma bu'uuraa ta'eedha. Oromiyaan dachee magariisaafi soorettii akkasumas, qabeenya uumamaatiin kan badhaateedha. Haa ta'uu garuu, sabni Oromoo lafaafi qabeenya qabu irraa akkaataa eegamuun hin fayyadamne. Hacuuccaan alagaa ammallee bifa jijjiirratee qabeenya saba Oromoo irratti ta'aa jira. Hawaasni Oromoo tooftaafi beeksa qabuun lafa isaa misoomsee galii gaarii irraa argata. Galiin argamu kun jireenya sabichaa osoo hin jijjiirin har'a ga'eera. Tajaajilli hawaasaa kanneen akka karaa, ibsaa, fayyaa barnootaafi kanneen biroon rakkoo hawaasdiinagdee isaan ijoodha. Sababni guddaan rakkoo kanaas hacuuccaa hawaas diinagdee ta'uu hin haalamu. Kanumarraa ka'uun asoosama filatame kana keessatti yaadota citanii fudhataman haa ilaallu:

“Jireenyi adeemsa karaa fagoo yoo taateyyuu, deemsa hubannoofi xiyyeeffannoo qabuun akkasums,waldhaansootiin mo,uu qabna. Kun ta'uu baannaan falaasamnifi yaadiddamni keenya rarra'ee hafa. Jireenyis,taphaa ala nu taasisa. Nutis akkaataa jireenyaa, adeemsa, n yaata, dubbanna, bakka barnootaa, dalagaafi ogummaa qabnu irratti of eeggannoo gochuu qabna. Qabsoo jireenya irratti qabnu yeroo hunda ni milkaa'a jennee jala sararuu hin qabnu. Sababni isaas addunyaa kana irratti yeroo mara gufuu hedduutu itti baayyata, gufuu kana bira darbuuf immoo obsa, beekumsa,ogummaafi abdi guddaatu nu barbaachisa” (Gammachiis, 2020, f. 1)

Akka yaada armaan oliitti jireenyi hawaasaa tokkoo bu'aa ba'ii hedduu akka qabu, kana keessatti hubannoo cimaan kan barbaachisu ta'uudha. Akkataa kanaan sabni gara fuulduraatti hindeemne guddinni inni kallattii addaan qabu karaatti kan hafu ta'a. Wanti guddaan saba keenya irraa eegamus dhimmoonni akka barnootaa, hojii,nyaatafi ogummaa keenya dabalaa deemuun

“An Diinaa'ool falaasama kee sobaa kana hin hordofu na hin ilaallatu.” Hagoosfaan kaayyoon isaanii inni guddaan Diinaa'oolfaa miidhuu waan ta'e keessa galchani qabsiisuun qarshii hedduu irraa fudhatee gadhiisera. Kun biyyattii irratti dhiibbaa inni fidaa jiru isinitti haa mul'atu. Baleessaa isaa kana namootni hundi ni beeku. Diinagdee

biyya keenyaa miidhaa jira. Biyyi keenya akka quucartu gochaa jira. Nuti ergama qabnuufi kakuu biyyaaf qabnu dagachaa jirra. (Gammachiis 2020, ff. 25-26)

Hafeen olii kun taatee garee waraanaa tokko gidduutti adeemsifame, ilaalcha ijoolleen Oromoo dirree waraanaattillee qabdu lafa kaa'a. Diinaa'ool gama hundaan nama gahumsa cimaa qabuudha. Beekumsaafi jagnummaa inni qabuun baayyee sodaatama. Kanaaf, hoggantoonni waraanichaa isa miidhuufi yakka keessa galchani hamilee isaa dadhabsiisu. Baasii hin barbaachifneefillee akka saaxilaman taasisu. Kun immoo biyyaatti keessatti rakkoo uumuu irra darbee badiisaatti gaheera. Diinagdeen biyyas akka ol hindeenme ta'eera. Sabni hedduun hiyyummaafi gadadoo keessatti kufee warri dhiibbaa uuman quufanii jiraatu. Kanaaf imaanaa sabaa fuune osoo hin irraanfati hojii nutti kenname fiixaan baasuudha.

“Abbabaa yeroo qeerroon gaaffii gaafate gaheen ishee maal ture, hiriyyoonni ishee eenyufaadha? Kana beekuun qaba” jedhee isaaniin gaafate garuu kanaaf deebii hin arganne. Obbo Ligdiin hojii barsiisummaa kolleejjii barsiisota jimmaa keessatti osoo barsiisanii gidiraan itti baayyannaan gadi lakkisan. Gara qonnaatti fuula isaanii erga galagalatanii turaniiru. Lafa qonnaa magaalaa Geeraa utuu hin gahin kan jiru sheek Abaadir Abbaa Garoo irraa kennaan fudhatan. Obbo Ligdiin carraaqqii kolleejjii barsiisotaafi masaraa Abbaa Jifaar addunyaatti beeksisuuf carraaqqii guddaa gochaa turaniifi gidiraa isaan saba isaaniif godhan ilaaluun sheek Abaadir kenna lafa naannoo Geeraati obbo Ligdiif kennan. (Gammachiis, 2020, f.37)

Yaada kanarraa waanti hubatamu qeerroon gaaffii mirgaa gaafachaa akka ture, namni yeroo sana dura bu'uun qindeessaa ture eenyu akka ta'e gaafate. Garuu deebii hin arganne sababni deebii kennuu dhiisuu Obbo Abbabaa rakkoo sodaa yookiin hacuuccaa sirnichaa waan tureef. Dabalataanis, obbo Ligdiin dhiibbaa hojii barsiisummaa isaanii irratti karaa qaama biyya bulchuun gahen hojii isaanii gadhiisaniiru. Hacuuccaa isaan irra gaheen kallattii hojii biraa qabataniiru. Hojii isaan kolleejjii barsiisotaafi masaraa abbaa jifaar ibsuuf hojjetan kan qindisiifamuudhu. Kanuma irraa ka'uu akkaa isaan hojii gaggaarii ogummaa isaaniitti fayyadamanii hin hojjenne ta'eera. Kun immoo rakkoo hawaas-diinagdee cimaa uumeera.

“Hamarsan, laaltee nuti hundi tokko walgargaaruuf dirqama qofaa osoo hin tahin seera uumaatis. Nuti hundi hundeen keenya tokkoodha.” Jedhan buna isaanii unachaa haasaa isaanii itti fufan. “Nama gaarii wanta gaarii irraa argattas, nama hamaa, jallina, jibba, hin

aaffaa irraa barta. Kun immoo nama hin fayyadu. Namoonni gaarii ta’an yaadannoo nama af ta’u. Namni nama jaallate jaalalli isaa yoomiyyuu isaa wajjin jiraata. Guddinniifi jijjiiramni yoomiyyuu keessa keenya jira innis nu keessaa madda. (Gammachiis, 2020,f.40)

Yaadni olitti ka’e, hawaasni tokko walgargaaruun jiruufi jireenya isaa jijjiira. Yeroo kamillee yoo waliin ta’e malee hawaasummaan isaa hinbeekamu. Kana jechuun gamtaan hojjechuu, gamtaan jiraachuu, gamtaan diina ofirraa fageessuufi barbaachisaadha. Seerri uumaas kana cimsa.Oromiyaan lafa bal’oo qabdu kana keessatti saba hundeen tokko ta’e qabdi. Kun walta’uu keenya agarsiisa jechuun dubbatu. Haa ta’u malee Hawaasa kana keessa gaarii kan hin yaadne rakkoo biyyaa faayidaa xiqqoo argatuun dhoksee kan hambisus akka jiru, jallinaan nama dabarsee kan kennus jiraachuu ibsu. Sababni rakkoo akkasii uumamuu kunis, duubaan mootummaan hawaasa diinagdee isaan miidhaa jiraachuu mul’isa.

“Ilaa nuti dur karaa kana irra miila keenyaan deemnee hanga Finfinneetti marmaaraa daldaalaa turre. Karaan kun bara Xaaliyaanii saaqame. Waggoota dheeraaf kanuma haaromsuu malee kan biraa kan saaqame hin jiru”jedhan, Hamarsan yaada hunda xisxinbaa osoo hin jedhin dhaggeeffachaa,Jimmaa,Asandaaboo,Sokorruu,Gibee,darbanii walqixxee gahan. “Lafa abbootiin keenya qotan, nutis amma jijjiirama tokko malee qotaa jirra.” Jedhe Hamarsan. (Gammachiis, 2020,f.45)

Waraabbii olii kanarraa kan hubatamu uummanni sababa karaa mijataan hin jirreef dhimma adda addaaf miillaan kiloomeetira hedduu imalaa turaniiru. Haa ta’uu garuu mootummaan Xaaliyaanii yeroo biyya kana weerartetti jijjiirama fiduun rakkoo karaa furuu dandeesseetti. Kunis, yeroo gabaabaa keessatii kan raawwateedha. Karaan jimmaa Finfinnee geessu kun erga yeroo sanaatii suphaa malee jijjiirama hinqabu. Dabalataanis, karaa haaraan hinbaane. Kun immoo waggoota dheeraa kana gidduutti mootummaan fooyya’iinsa gaarii akka hinfinne namatti agarsiisa.lafti qonnaa Garuu, naannooleen biroo kan misoomaniidha. Kanaaf dhimmoonni hawaas-diinagdee hawaasichaa bu’aa buusaa akka hinjirreefi hacuuccaan hawaasa kana irra jiraachuu mul’isa.

Magaalaa Finfinneetti saamtotaafi karaa qaxxamuraa kan sooromantu baayyatee jira; Kana malees humnoota gocha shororkeessummaa geggeessan, sirna diimokritaawaa kana jeeqan, nageenya amansiisaa jiru booressuuf ka’an gocha suukanneessaa lammiilee irratti raawwachuuf farra misoomaafi farra guddinaa kan ta’an malaamaltummaadhaan kan

durooman,mankaarsitoota wal qindeessan, maxxantoonni ilaalcha ofii diriirsuudhaan gocha ofii lammiilee irratti rawwachaa jiran, mana cabsanii saamuu, konkolaataa, meeshalee manaafi qarshii fudhatu. (Gammachiis 2020,f.46)

Yaanni olii kan magaalaa Finfinnee hundhuura Oromiyaa taatee osoo jirtuu Oromoof iddoo taa'umsaa kan dhabdeedha agarsiisa. Guddinni diinagdeefi misoomni magaalattii keessatti argamu kan warra uummata Oromoo saamaa turaniiti. Siyaasni sirna garboonfataa kun dachee Oromiyaa keessatti dagaagee saamicha geggeesseera. Sirna diimookiraasii dawoo godhatee dukkana limixii keessatti sabicha hacuucee ofii isaa guddiseedha. Oromiyaa lafa qofa dhabuu osoo hin taane nageenyi lammiiwwanii sababa rakkoo siyaasaa kanaan boqonnaa dhabe jiraata. Tooftaa ittiin uummanni Oromoo saamaman qindeessanii maallaqa walitti qabatu. Oromoo ari'anii gara duubaatti baasuuf yaalii hedduu godhaniiru. Kanas, dhugaa sabni Oromoo keessa darbe ifatti mul'isa.

... Namootni buna dhugaa dubbatan marti yaada mataa isaanii kaasanii hunduu tokko tokkoon dubbatan. Kaan rakkoo daandii kaase, kaan rakkoo ibsaa, kaan waa'ee laga candoo callisiitiif hanga barbaadamu uummata hin tajaajille jedhee kaase, kaan guddina magaalattii kaase. "Maaliif?" mucaan obbo Miidheksaa inni hangaftichi Burqaan yaada isaa kaasee dubbate. Obbo Miidheksaan hunda isaanii ijaan mil'achaa waa'ee gootaawwanii kaasanii dubbachuun mufannaa isaanii baafatan. "Goota dhabne maal godhu hunduu nyaatee nu nyaata. Kan rakkoo kana hunda nuuf jijjiiru, ijoolleen keenyas barattee nu gate maal godha gantuu lammii keessaa nu ha baraaru!" jed han. (Gammachiis, 2020, f. 93)

Waraabbiin olii kun rakkoo hawaasni bara hedduuf keessa ture kaasa. Barruun kun magaalaa Qaaqee tajaajila hawaasummaatiin akka dagatamte nikaasa. Uummanni achi jiraatu rakkoo daandii, ibsaa qonnaafi guddinni magaalatti baay'ee akka duubatti harkifate dubbatu. Gama kanaa humni hawaasa sana miidhe nijira. Hawaasni sun tajaajila gama mootummaan argataniin rakkoo hammaataa keessa kan jiraniidha. Obbo Miidheksan mufannaa gootawwanii illee kaasanii dubbatan. Ijoolleen baratan shira mootummaan gowwamsanii biyya isaanii dagatan jedhu. Hawaasni qaama isa irraa nyaatee isa nyaatu ni arga garuu duubaan dhiibbaan mootummaa waan jiruuf dubbachuu rakkata. Dabalataanis, gantuu lammii keessaa guddina hawaasicha akka quucarsitu dubbatu.

Booreen onnee namatti hora. Booreen tarsiimoon masakame galmi isaa injifannoodha. Amma nuti hundi qindoofnee karoora Koomtoo irratti qabannee jirru hunda galmaan gahuu qabna. Amma teknooloojii qabnu hundaafi hunma baratee qabnu hundatti baayyeetu fayyadamaa jira. Kun bilisummaa sammuu, bilisummaa uummataa , bilisummaa guddinaa gonfachiisa. Nuti biyya hunda hiyyummaa jalaa baasuu qabna. Wanta hunda iccitiin deemaa jirra. Hundi keenya harka walqabannee haala xiyyeeffannoo qabuun itti deemuu qabna. Humnootni akka nuti hin qaroomne barbaadan jiru. Nuti kallattii diinagdee, siyaasaafi hawwaasummaa jijjiiruuf humnaa ga'umsa cimaa qabna. (Gammachiis 2020, f.108)

Waraabbiin kun diinagdeen saba Oromoo jijjiirama guddinaa fidaa akka hin deemne dhiibbaan mootummoota darbanii ammallee itti fufee jiraachuu mul'isa. Hacuuccaan saba kana irratti hidda yaafate kun booree hora, nama kakaasa, rakkoo saba keenyaaf duuba akka hin deebine nu taasisa. Kanaaf immoo sabni Oromoo tokkummaan walqabatani dhiibaa kana qolachuun milkaa'ina injifannoo amansiisaa fida. Qabeenya uummata Oromooti kan dhimma bahu mootummaa garboonfataa har'a Uummanni Oromoo hiika itti dhabee rakkataa jiru kana. Guddina teeknooloojii saba keenyaa ukkaamsee kan saba biraa leellisa. mootummaa fakkaataa hayyoota keenya hacuucee bilisummaa dhorkateedha. Humnoota baratan Saba Oromoof akka hin hojjenne godhee dhimma itti bahaa kan jiruudha. Bulchiisni akkasii ammallee sabichitti ba'aa ulfaataa ta'ee jira. Kun immoo bilisummaa sammuu, kan uummataa, kan guddina qabeenyaa uummata Oromoo gofachiiseera. Rakkoo hacuuccaafi gadadoo hiyyummaa jalaa bahuuf iccitiin tokkummaa laafuu hin qabu. Cimani hojjechuu barbaachisa. warri qaroomina uummata Oromoo jibban illee akka humna dhaban ta'a. Humna akkanaa cabsuun kaayyoo isaanii kan itti fufsiisaniidha. Aangoo marti uummata kana harka jiraachuu isaafi garee kanaa miseensi baay'ifachuun akka barbaachisu hubannoo nikennu. Haala kanaan kallattii diinagdee ,hawaasummaafi siyaasaa jijjiruun ni danda'ama.

Hanga yonaatti teeknooloojii koomtoo keessatti oomishaman irratti hin fayyadamne; ammarraa kaasnee garuu itti fayyadamna. Homtuu fuuldura keenya hin dhaabbatu. Harca atota amma hafanii nu hordofan guyyaa har'aatii kaasnee bakka mara keessaa haxaa'uu qabna. Nibarbadeessina. Booreen keessa keenyaa maddee tarsiimoon masakame

injifannoo nu gonfachiisa. Booreen beekumsaafi yaadiddamaan hogganamu olaantummaa fi mo'icha nama argachiisa. (Gammachiis 2020, f.226)

Waraabbiin olii kun karoora guddina teeknooloojii qophaa'ee sababa hacuuccaa siyaasaatiin uggurame osoo hojiitti hin jijjiiramin ture mul'isa. Kana booda qaamota dhiibbaa uumaa turan osoo hin sodaatin guddina hawwamu sana bira ga'uudha. Akkasumas, haftee warra siyaasa da'oo godhatanii nu miidha turanii xiyyeeffannoon dhabamsiisuu qabna. Injifannoon arganne cimee itti fufuu qaba. Booreen tarsiimoon hogganamu mo'icha dabalaa akka deemu kallattiin yaada kanarraa hubanna.

4.4. Haala qabatamaa Gita Cunqursaafi cunqurfamaa

Hawaasni tokko jiruufi jireenya jiraatu keessatti kallattii adda addaan of cimsaa adeema. Mootummaa ittiin geggeeffamu mataa isaa kan qabuudhu. Haa ta'u malee aangoo isaatti fayyadamee uummata kan hacuucu mootummaan abbaa hirree jiraachuu mala. Dhugaan uummataa yammuu haguugamu sabni bilisummaa dhabee jiraata. Uummanni Oromoo hacuuccaa gita hirree qabuun hayyootaafi barattoota hedduu dhabee imimmaan dhangalaasaa jiraachaa jira. Barataa qaxaleen ni hordofama.kanneen qabsoo Oromootiif dhaabbatan mirga jiraachuu dhabanii baqataa ta'anii jiraatu. Hawaasni Oromoo dhiibbaa garaagaraa keessa darbee dhufeera. Hidhamuu, reebamuu, beelaafi dheebuu hedduu dabarseera. Gochi hammeenya kun har'as uummaticha biraa hin hafne. Sabni kun rakkoo kana callisee dhiise osoo hin ta'in hubatee falmataa jira. Giti hirree qabu immoo itti fufee bulchuu yaada. Kun immoo waldhabbi cimaa uuma. Haaluma kanaan waraabbii asoosama filatame keessaa fudhatame haa ilaallu.

“...Hamarsan amma ergama tokko siif kenna obboleettii kee Kookeet waan gochuu qabdu amma Kooket bakka isheen buute hin beeknu Haroomayaa univarsiitii erga dhabamtee waggaa tokko ta'eera. An mucaa koo hangan danda'u hunda ifaajee barbaadeeraan kallattii isheen itti deente ergama kee booda faana dhahi. (Gammachiis 2020,f.36)

Waraabbiin kun gocha yaaddessaafi gaddisiisaa gita hirree qabuun maatii barataafi barattoota irratti ta'u qabatamaan ka'eera. Yammuu maatiin barataa ijoollee isaanii gara barnoota sadarkaa olaanaatti ergatan ergama dhoksaatiin barattoota hidhuu, dararuufi achi buutee isaaniillee kan dhabamsiisu gita olaantummaa qabu kanaadha. Barattoota miidhaan akkasii qaqqabe barbaadanii arguuf ulfaataa ta'uu ni hubatama. Haa ta'u malee lammiin bade barbaadamuu qaba. Dhiibbaan

gita hirree qabuun taasifamu kun callifamee dhiifamuu akka hin qabne dhalootaaf ergaa fuulduraaf dhaamaniiru.

Barnoota xumuruuf baatiin lama yemmuu hafu, yuunivarsiticha keessatti jeequmsi kanaan barattoonni muraasni shakkamanii yeroo hidhaman Heelanfaas hidhuuf kaanaan, namoonni mooraa gad lakkisanii akka bahan itti himnaan, Heelan dookumentii ishii qabatee gara Dirre Daawwaa deemuun biyya ollaa gara Jibuutiitti baqatte. (Gammachiis 2020, f.56)

Waraabbiin olii kun mooraa Yuunivarsitii keessatti rakkoowwan uumaman ibsa. Dhiibbaa mootummaan hawaasa irratti dhoksaan taasisu barattoonni yemmuu hubatan gaaffii mirgaa kaasanii waan gaafataniif walddhabbiin ni uumama. Aangoo warra humna qabaniin barataan barnootaf bahe mana hidhaatti dararama. Kaanis achi buutee isaatu dhabama. Kanneen kaanis kaayyoofi karoora isaanii adda addaan kuchiisisuun biyyaa baqachiisu. Kun rakkoo ulfaataa barattoota Oromoo mooraa yuunivarsitii jiraniifi kanneen kolleejjota garaagaraa baratan irratti mul'ata. Haala rakkisaa hawaasa yeroo sanaa ta'uu ifa galeessa.

Hamarsan bakka ciisichaa erga seenee booda dugdaan sireerra ciisee olbuusee, gad buusee yaaduu eegale. Yaada isaatti Heelaniif bilbiluu akka qabu mil'ate. Dafee bilbila isaa kaasee Hamarsanitti akka gara Haromaayyaa deemu akka qabu, Finfinnee keessaa saffisaan bahuu akka qabu, basaastotaan akka hordofamaa jiran itti hime. Namootni dhimma nageenyaafi waajjira poolisii federaalaa irraa garee tokko hordofaa akka jiran itti hime. Kana jalaa bahuuf waraqaa haaraa akka qopheesseef dabalee itti hime. (Gammachiis, 2020, f. 66)

Waraabii armaan olii irraa wanti hubannu Hamarsan biyya isaa keessa jiraachuuf haala rakkisaafi ulfaataa keessa seeneera. Finfinneen keessa jiraachuu mitii keessa oolee buluuf haala sodaachisaa mudateeraan. Basaastonni mootummaa kallattii adda addaan qabuuf hordofaa turan. Humni nageenyaa dararamaafi hakuuccaa cimaa keessa galchuuf kiyyoo isaanii qopheeffataniiru. Kanaaf, kaayyoofi karoora isaa dhiisee Finfinneedhaa bahee gara Haramaayyaa akka deemuuf dirqameera. Kun immoo hakuuccaa hamaa sabni Oromoofi qabsaa'ota mirga lammiileetiif dhaabbatan irratti dhiibbaa cimaa uumeera.

Guyyoota mana hidhaa maayikilaawwii turetti halkan guuttuu dabareen reebamaa, dhiitamaa, gocha sobaa amani jechaa, elektiriikiin toorchi gochaa, mataa isaa gadi

galagalchani, miila isaa gubbaatti hidhanii alangeen miilla gidduu qullaa rukuchaa, nyaata ijaafillee namatti hin tolle dhiyaataaf, nyaata kana erga nyaachisanii mana fincaaniitti gad galagalchani akka balaqqamaan keessaa dhumu taasisu, Quba miilla isaa lama irraa piinsaan buqqisaniiru, guyyaa guutuu immoo mana dukkanaa'aa nama hin argine keessatti qofaa isaa hidhamee oola, situ shororkeessaafi uummata nuttu kakaasaa ture jedhanii hanga lubbuun isaa darbutti dararanii turan. Garuu inni waan hunda amanne ture. Yakka gonkoomaa hin raawwanne amani jechaa cubbuu hanqaaqanii dhalanii amani yammuu jedhan gonkumaa amanuu dideen. (Gammachiis,2020,f.74)

Yaadni armaan olii kun hacuuccaafi dararama cimaa mootummaan biyya bulchaa tureefi biyya bulchaa jiru hidhamtoota irraan gahe ifoomsa. Hidhamtoonni siyaasaa halkan guutuu seeraan ala akka malee reebamu. Yakka osoo hin raawwatin gaafatamu. Gocha suukanneessaa gurra namaatti hin tolle lubbuu namaa irratti raawwachaa jiru.warra humnafi aangoo qabaniin mana hidhaa keessatti garmalee dhiitamu. Kun immoo miidhaa guddaa namoota sabaan Oromoo ta'an xiyyeefatee ta'eedha. Yakka tokko osoo hinqabaatin sobaan amansiisu. Namni mana hidhaatii bahee yaaduu illee akka hindandeenye taasisaniiru. Nyaata erga nyaachisanii booda akka balaqqamaniif mana ficani keessatti gad gombisuun. Maal kana qofaa piinsaan qeensa miillaa irraa buqqisuun jiruufi jireenyaan ala taasisaniiru. Walugalatti waraabbiin armaan olii kun hacuuccaa gara jabinaa namoota siyaasaa Oromoo irratti dalagamaa tureedha. Kun immoo diimokiraasii ukkaamsuun mana hidhaatti dhala Oromoo dararuudha. Kun qajeelfama seera biyyattiinis fudhatama kan hinqabneedha.

“Mirgi namummaa mirgi diimokiraasii haa kabajamu!! Acuuuccaa abbaa hirreefi wanjoo garbummaa nurraa haa barbadaa'u!” jedhu qabatani waan bahaniif Moominaan immoo adda dureen geggeessaa waan turteef mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Jireen duratti rasaasaan ajjeefamte. Obbo Ligdiin immoo sababa kanarraa ka'anii mana hidhatti darbataman. Yeroo sanatti hanga isaan bahanitti ijoollee isaanii kan guddise sheek Abaadir ture. Manni barumsaa Jireen Hamarsan yoo itti hinbaranillee seenaa hedduu waa'ee haadhasaa dabalatee waan qabduuf baay'ee jaallata. (Gammachiis 2020, f. 40)

Yaada armaan olii irraa kan hubannu yammuu barattonni hiriira nagaa bahanii gaaffii mirgaa gaafaniidha. Qabsoo Oromoo fiiniinsuu keessaa barattoonni Oromoo ga'ee guddaa qabu. Dhaloonni barate barate dhoksaafi iccitii mootummichaa waan bira gahuuf xiyyeeffannoon gita

hirree qabu kanaa humna barate ture. Barattooni hiriira kana bahan kunis hacuuccaa cimaa sabaafi isaan irra gahe kaasaan balaaleffannaa isaaniin ibsaniiru. Mirgoonni namummaafi diimookiraasii mootummaa abbaa hirreen namoota irraa mulqamanii jiru. Kanaaf mootummaa abbaa hirree kun nurraa haa ka'u jechuun dhaadatu. Moominaan barsiistuu mana barumsaa jireen yammuu taatu adda durummaan gaaffii kana qindeessaa turteetti. Humni nama nyaataan ol aantummaa qabu kun lubbuu ishee galaafateera. Gochi akkasii kun har'allee hundee jabeeffatee dhaloota keenya duguugaa jira. Kanneen lubbuun hafanillee hidhaafi dararamaa hamaan saaxilamanii rakkachaa jiru.

“ilaa, Beeka,namni baayyee hamaadha. Girmaan akka namnifi biyyi guddatu hin fedhu. Garuu, inni biyyattii quucarseera . Yakka inni hin hojjetin hin jiru. An gocha isaa irrattan beeka. Yeroo hedduu keessa namaa, ilaalcha namaa, dubbii namaa sirriittin beeka nan hubadhas, ati garuu, dhimma namaa hin qabdu. Garuu dhimma biyyaafi saba baayyee sitti dhagahama, nama kanarraa of eeggadhu?” jedhee Beekaa irraa adda bahee gara mana isaa gale. Beekaan utuu gara mana isaa deema jiruu poolisoonni itti dhufanii akka dhimma qorannoof, barbaadamu itti himanii qabanii deeman. (Gammachiis, 2020, f.94)

Waraabbiin kun hacuuccaa gita hirree qabuun kanneen biro irratti dhiibbaa mul'atu agarsiisa. Namoonni tokko tokkoo waa'ee isaanii dagachuun faayidaa biyya isaanii dabarsanii kennu. Faayidaa yeroo muraasaaf saba isaanii dabarsanii rakkoo waggaa hedduu keessatti kan kuffisan gantuu lammii keessaa hedduudha. Gantoonni kun fakkaatanii ergama diinaa milkeessu. Iccitii sabaafi qabeenya isaa alagaaf taasisu. Namoonni akkasii gootota Oromoo hedduu galafataniiru. Gocha hamaa raawwataninis ni badhaafamu. Ciqileen hormaa saba Oromoo irraa akka hin buqqaane yaalii isaan taasisaniidha. Gama biraan immoo biyyaaf kan quuqamu iddoo dhabee rakkata. Dhugaa jiru dubbachuun hidhaafi dararaa cimaa keessa galu. Gitoonni hirree qaban saba Oromoo keessaa namoota tokko tokko faayidaan gowwoomsuun hawaasa ittiin hacuucu. Kun immoo guddina biyyaafi jijjiirama hawaasaa duubatti harkiseera.

Abdiitu nu du'e, humnatu nu laafe
Bittaa garbummaadhaa,hunda keenya irratti hafe
Keessa keenya baree diinni nu laaffise
Ani kana booda, aggammadhee hin dhiisu
Goraadee luqqisee mandheetti hin deebisu

Dombii isheerraan buqqisa ulfina isheen salphisa (Gammachiis 2020,f.115)

Waraabbiin bifa walaloon qindaa'ee jiru kun sabni yammuu tokkummaa dhabu diinaaf karaa banaa gochuu agarsiisa. Sirni garboomfataan immoo biyyacha keessatti hundee isaa gadi fageeffachuun umurii isaa dheereffataa adeema. Tokkummaafi walii galtee dhabuu keenya argaee diinni qaawwaa argateen nu seenaa jira. Kunis alagaan rakkoolee, waldhaga'uu dadhabuu, wal qooduu wal irratti ka'uu, dabarsanii wal kennuu, iccitii qabachuu dadhabuufi wal ta'uu dadhabuu keenya argee nurraa galuu dide. Garbummaan sabicha irratti harka bal'ifachaa jira. Kanaaf hidda garbummaa balleessuuf duuba hindeebinu, humna, beekumsafi meeshaa qabnuun teessoo irraa dhabamsiisuun ergaa filannoo hin barbaachifne ta'uu mul'isa.

Aadde Dureettiifi Naa'ol mana hidhaa Dhidheessatti waggaa jahaaf hidhamanii turan. Achi keessatti gidiraa hedduu wajjin dabarsaa turan. Aadde Dureettiin rifeensa isaanii fuullee caccabaatiin irraa haadan.Naa'ol jecha aadde Dureettii hin irraanfatu ture, kan akkas jedhu ture. “Rifeensa kiyya dhiisaa mataa narraa kutaa, rifeensi keenyaafi lafiti ni marga keenya haadamus gubatus deebi'ee marga. (Gammachiis 2020, f.164)

Yaadni olii kun hakuuccaa gita hirree qabuun gita hakuucamaa irratti raawwate kan ibsuudha. Namoonni olitti maqaan isaanii caqafame rakkoo bulchiinsaa hawaasni qabu akka furamuuf hojii tokkummaa cimsu warra hojjetaniidha. Gitni hirree qabu badii malee mana hidhaatti dabarsee kenne. Achi keessattis gidiraa guddaa dhaga'uufi arguun namatti hin tolle irratti raawwatan. Haa ta'uu garuu gitni warra hakuucamanii rakkoo ulfaataa kanaa osoo hin jilbeefatin duubaan abdiifi mo'ichi akka jiru sodaa malee yammuu dubbatan yaadicharraa kan hubatamuudha.

Naa'ol mana hidhaa kana keessatti waan dabarse hunda ni yaadata, jalqaba akka seenaniin xaarmusii cabaan rifeensa humnaan haachisiisuu warren dhiiraa qaama saalaa isaanii irratti bishaan xaarmusii guddaatti guutanii itti rarraasu, kutaa nama lamaaf tolfame keessatti namoota digdamii shantu keessatti ukkaanfamee hidhama, nyaatni guyyaatti daabboo lama qofaatu nama tokkoof kennama, kaan mana dukkanaa keessatti dhoksaan hidhamu, kaan toora galfamanii bakka itti ajjeefamaniidha, kaan hojii humnaa bakka itti hojjetanis jiru, kaan kan boolla qotaniifi jawween nyaatamanis hedduudha, namoota hedduurraa ilkaaniifi qeensa buqqisuu, shamarraninis dhiibbaalee walfakkaataa irraan gahaniidha. (Gammachiis, 2020, f.174)

Waraabbiin kunis, gita hirree qabuun dararaa cimaa uummata Oromoo irratti ta'aa ture qabatamaan kan ibsuudha. Uummanni Oromoo mootummaa dimookiraasii da'oo godhatee hirree isaatti dhimma bahuun hacuucamaa jiraateera. Mana hidhaa keessatti wanta bineensa daggalaafillee hin malle hidhamtoota siyaasaa Oromoo irratti mootummaan yeroo sanii haalaan raawwateera. Aangoo tursifachuuf jireenya dhala namaatti taphataniiru. Kaan du'aafi jireenya gidduutti rakkisani hambisan. Kaanis, dhoksaatti lubbuutti erga taphatanii ajjeesan. Dhiiraafi dubara qabsoo siyaasaa finiinsan duguuganii saba Oromoo akka malee boossisan. Dararamaafi hacuuccaa hamaa kanaan Hayyoonni Oromoo hedduun dhabamaniiru.

Roorroon kamiyyuu kana booda jiraachuu hinqabu. Kaayyoo kanaa jaalleewwan hedduutu itti wareegame, kaan hin godaane, dheebuu, beela, halkan, guyyaa, roobaafi qorra keessa darbaniiru. Kaan qaama isaanii itti dhaban, kaan mana dukkanaa keessa waggaa hedduuf hedhamaniiru. Kaan immoo hojjiirraa ari'atamaniiru. Kaan summin dhumaniiru. Kaan irbaata rasaasaa ta'aniiru. kaan gammoojjii keessatti kufaniiru. kaan bosonaafi galaana keessatti hafaniiru. Kaan bineensaan nyaatamaniiru. Kaan maraatanii. Kaan immoo hadhaafi abbaan irraa dhumaniiru. manni onatti hafeera. Egaa nuti roorroo kana hunda arguu hin qabnu jennee aarsaa barbaachisu hunda kanfallee yoona geenyeerra. (Gammachiis 2020, f. 225).

Keeyyanni oliitti dhiyaate kun giti bittaa mootummaa abbaa hirree kamillee saba Oromoo irratti deebi'ee ol aantummaa isaa agarsiisuu akka hin qabne addeessa. Goototni Oromoo qaqqaalii kanaaf jecha lubbuu isaanii jijjiirraa hin qabne dhabaniiru. Rakkoolee sukanneessaan dhala namaatiif hin malle irratti raawwateera. Hidhamuu, beela'uun, ari'atamuun, sammuu dhabanii hanga maraatanitti gahaniiru. Kaanis maatiin irraa dhumuun ijoolleen bakkeetti kan hafan danuudha. Kanaaf, Roorroo hammaataa kana callisnee ilaaluun nutti hin tolle. Aarsaa nurraa eegamus taasifnee har'a geenyeerra. Qabsoo adeemsifame kunis saba Oromoo gara bilisummaatti kan ceesisu waan ta'eef dhaloonni kallattii jiruun gahee isaa yoo bahe milkaa'inni ni dhufa.

4.5. Diinagdee of Jala Kan Oolfatan

Biyyi keenya sirnoota mootummaa adda addaan bulaa turte. Sirnoota bulchiinsaa kanneen keessatti keessatti uummanni Oromoo hacuucamaa tureera. Qabeenya uumamaafi kanneen biroon illee aangoo siyaasaa warra qabatani jiraniin to'atamaa ture. Abbummaa qabeenyummaa

illee dhabee sabni Oromoo harka warra aangoo qabaniin garboonfamee jiraachaa ture. Dinagdeen jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti dhimma murteessaafi isa duraati. Diinagdeen saba Oromoos harka mootummaa garboonfa jaarraa lakkaa'e kanaan hordofaa jira. Kan dhimma itti ba'us hatee, saamee isa bare gita aangoo siyaasaan Oromiyaa jeeqaa jeeqaa jiruudha. Hafee asoosama filatamee akkaataa kanaa gadiin haa ilaallu.

“Dhimmi qabeenya uummataafi mootummaa seeraa ala fayyadamuu, ajandaa malaamaltummaa jedhu jalatti nuuf haa qabamu” jedhe Diinaa'ool. Hagoosiifi Harmoon akka nama kaballaan rutamee nahan. Harmoon silumaa fuulli isaa dukkanaa'aadha. Itti caalee dukkanaa'e. “Kun ajandaa lammaffaa keessa nuu galuu danda'a jedhe. Akka salphaatti bira kutee darbuuf. Hagoos jecha Harmoon dubbateen xiqqoo qabbanaa'e. (Gammachuu 2020, f. 23)

Akka yaada kanaatti namoonni aangoo isaanitti kennametti hirkatanii qabeenya uummataafi kan mootummaa dhimma bahu. Hagoosifi Harmoon ol aantummaan isaaniin maallaqa uummataa gara barbaadanitti sochoosu. Siyaasni biyyattiis harka isaanii waan jiruuf qabeenya mootummaa seeraan ala karoora isaaniirra oolfatu. Biyya keenya keessatti diinagdee uummata saamuun akka uummanni jijjiirama hin argisiifne erga ta'ee barri bulee bubbuleera. Siyaasni yeroo ammaa sabni Oromoo keessa jirus kallattiidhaan diinagdee uummtaa harka keessa galfatee akka yaada isaatti to'atee jira. Haala kanaa diinagdee Oromoo garamitti akka deemu xiinxaluun nama hin rakkisu.

Namoota aangoo irra jiran biyyatti akka quucarsaa jiraniifi fedhii dhuunfaa isaanii qofa guuttachuufi karaa qaxxamura durroomuuf yaaluu malee lammiif quuqamuu kan jedhu bira hinjiru. Iccitii biyyatti gurguddaa bira yammuu gahan tooftaa qarshiifi albuuda biyyattii itti argachuu danda'an sirriitti beeku. Aarii namoota kana hunda qabanirraati kan ka'e ilaalchi isaanii kan yeroo kaaaniirraa adda ta'ee tokkummaan hidda lafa jala balleffatanii baayyee cimsatan. Namootni aangoo qaban biyyattii saamaa jiran yeroo Hamarsanfaa irratti qabsaa'uu eegalan isaanis tokkummaa isaanii cimsatan. (Gammachiis ,2020, f.110)

Biyyattii keessatti aangoo siyaasaa dawoo godhachuun qabeenya uummataa faayidaa dhuunfaa isaaniif kan oolfatan danuudha. Uummanni rakkoo ulfaataa keesa osoo jiruu karaa qaxxaamuraan kan durrooman namoota baayyeedha. Dhiibbaan akkasii kun diinagdeen uummataa akka hin

jijjiiramne taasisseera. Qarshiifi albuuddan dheedhii saamuun Oromiyaa hiyyumsaniiru. Naannoo isaanii jijjiiraniiru. Dabalataanis, namoonni aangoo qaban diinagdee hawaasaa dagatanii guddina diinagdee dhuunfaa qofaa olkaasanii ilaalu.

Erga yerusaalem dhuftee gara jiruutti gorsaafi leenjii kennaniif. “Esraa’el bara baraan birmadummaan isheefi olaantummaa ishee hundaa oltaatee haa jiraatu!” kan jedhu amansiisanii fudhachiisaniiru. Diizayinii misaa’eloota haaraa ta’an fageenya maahilii fagoo irratti bakka barbaadame rukuchuu kan danda’uufi mankoraakorii saffisaan kaatanii hawwaarra qubachuu danda’an kenniteefi oomishamaniiru. Kun Isiraa’elootaaf boqonnaa haaraa baneeraaf. Isheetiis kabajaafi guddina akkasumas beekamtii gonfachiseeraan. (Gammachiis, 2020, ff.138-155)

Yaanni olii kun biyyoonni guddatan aangoo isaaniitti dhimma bahuun humna barate dirqamaan ofitti fudhatanii diinagdee biyya isaanii ittiin guddifachuu agarsiisa. Biyyi Israa’el akka waan biyya kamii oltaatetti fudhachiisaniiru. Meeshaalee ciccimoos Aangoo qabdutti fayyadamtee namoota dandeettii cimaa qaban gara biyya isheetti fiduun oomishatteetti. Gara biyya keenya yammuu deebinu, sababa diinagdeen keenya hacuuccaa humna aango qabeessaa jala jirtuuf humni barate bilisummaan hojjechuu hin danda’u. Osoo jaalala saba isaa qabuu dhiibbaa aangoo sirna geggeessaa jiruuf baqatee deemee biyya birraaf dalaga. Rakkoon kun ammallee harka bal’ifatee akka barattooni Oromoo kalaqa ciccimaa hin hojjenne danqaa jira. Kanneen carraa argatanis deemanii biyya alaatti hafu. Dhiibbaan kallattii alaafi keessan diinagdee Oromoo quucarsaa jiraachuu nutti hima.

Rakkoolee biyyoota Afriikaa miidhan rakkoo siyaasdiinagdee, hawaasummaa, teeknoolojii, birookraasiifi hacuuccaa abbaa hirree bittaa waanjoo garbummaa waggaa hedduu ture hundeerraa buqqisnee jijjiiruutu nurra jira. Hawaasa keessatti haala gahumsa qabuun hirmaachuu qabna. Currisa ofii to’achuudhaan murtoo kennuufi rakkoo hiikuu qabna. (Gammachiis (2020, ff. 225).

Waraabbiin olii kun biyyoota afrikaafi keessumaa biyya keenya keessatti rakkooleen bulchiisa gaarii danqan akka jiran ibsa. Siyaas-diinagdee biyyatti iftoominafi haqummaa waan hin qabanneef jijjiirama saffisaa fiduu kan hin dandeenyedha. Keesumaa uummanni Oromoo akka biyyatiitti waanjoo garbummaa jalatti baroota hedduuf qabamee ormaaf dalagaa ture. Hanga har’aattis mootummaa garboonfataan bifa jijjiirratee diinagdee Oromoo mancaasaa jira. Hireen

saba bal'aa sarbamee Oromoo har'ayyuu hamuummachaa jiraataa jira. Saba hundeen tokko ta'e siyaasaan garaagaummaa gidduutti uumee sirna okkolaan nu bitee jira. Kanaaf, dargaggeessi Oromoo ciisuu hin qabu. Saba isaaf dhimmee hojjechuu qaba. Hawaasa keenyaaf osoo of hin qusatin rakkoo jiru hunderraa dhabamsiisuun dirqama. Sirni sabni keenya hin barbaanne biyyattii keessaa haa buqqa'u. Diinagdeen Oromoo Oromoodhaa haa ogganamu yaada jedhu nuuf ibsa.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti cuunfaan adeemsa qorannochaa iddoo itti kaa'amuudha. Argannoon xiinxala kanaan argames as jalatti hammatama. Dabalataanis, yaboon qorannichaa haala kanaa gadiitiin qindaa'aniiru.

5.1. Cuunfaa

Qorannoo Kun Asoosama *Booree* Ija Yaaxxina 'Maarkiisiizimiin Xiinxaluu Xiyyeeffate. Kaayyooleen qorannoo kanaas, caasaaleen gitoota garaagaraa asoosamicha keessatti ijaaraman ibsuu, hacuuccaa gama hawaasdiinagdeen jiru ibsuu, waldhabdee gita hirree qabuufi gita cunqurfamaa gidduu jiru haala qabatamaa hawaasa yeroo sanaa kan mul'isu addeessuufi aangoo siyaasaa qabachuun diinagdee kan ofjala galfatan adda baasuun agarsiisuudha. Akkasumas barruuleen walfakkii gadi fageenyaan ilaalamaniiru. As jalatti maalummaan ogbarruu, maalummaa qeeqa maarkisiizimii, faayidaa qeeqa maarkisiizimii, yaaxxina maarkisizimiifi qorannooleen wal fakkii bal'inaan sakatta'amaniiru. Qorannoo kana galmaan ga'uuf gosti qorannoo hojiirra oole qorannoo akkamtaadha. Odeeffannoo jechaan kitaabuma qorannoon kun irratti adeemsifame irraa fuudhamee hiikni itti kennameera.

Akkasumas, Iddattoon qorannichaa kitaabuma filatame kana. Malli ittiin qorannoon kun adeemsifa mala kaayyeffataati. Hojii qorannoo kanaa keessatti qorataan odeeffannoo guurrachuuf qabxii xiyyeeffannoo fayyadamee jira. Hiikni odeeffannoo sassaabameef kenname ammo haala qabatamaa hawaasa asoosamichi keessatti barreeffameen walbira qabuun kan raawwateedha. Haaluma kanaan asoosamni kun hammam jiruufi jireenya uummata oromoo akka calaqqisiise ibsameera. Hojii qorannoo kanaa keessatti qorataan qorannoo kana gabbisuuf, akka wabiitti odeeffannoo kitaabilee wabii adda addaa irraa sassaabuun fayyadameera. Kunis hojiin qorannichaa akka gabbatu taasiseera. Walumaa galatti hojiin qorannoo kun ergaa asoosamicha keessa jiru ifa gochuuf yaaleera. Akkasumas asoosamichi haala jiruufi jireenya uummata oromoo haalaan kan ifoomseedha.

5.2. Argannoo

Qorannoo kana keessatti asoosamni *Booree* ija yaaxxina maarkisizimiin erga xiinxalamee Booda, asoosamicha keessatti ijaaramni caasaalee maal akka fakkaatan, hakuucnaan gama hawaas-diinagdeen jiru maal akka fakkaatan, Waldhabbiin gita hirree qabuufi gita cunqurfamaa gidduu jiru haala qabatamaa hawaasa yeroo sanaafi aangoo siyaasaa qabachuun diinagdee kan of jala galfatan eenyu akka ta'an qabxiilee tarreeffaman irratti bu'aan hojii qorannoo kanaa akka armaan gadiitti kaa'ameera.

- Tarsiimoo qindaa'aa qabatanii tokkummaan socho'uun milkaa'ina egeree saba Oromoo akka fidu ta'uu hubadheera
- Uummanni Oromoo gama hundaan qabsoo hanga wareegama lubbuutti jedhu qabatee kan deemu yoo ta'e bilisummaa hawwu of biratti kan argu ta'a.
- Uummanni Oromoo humna qabu maraan yoo barate, barnootaan, teeknoojiidhaan, qonnaafi guddina garaagaraan abdiin onnachiisaan kan jiru ta'uu adda baaseera.
- Baroota hedduuf mootummaan biyya kana bulchaa turefi har'as bulchaa kan jiru jijjiirama misoomaa kan hinfinne, garagarummaan deggersa tajaajila hawaasaa kan jiru ta'uufi ilaalcha mootummaan illee hawaasni dagataman jiraachuudha.
- Namoonni dandeettiifi beekumsa guddaa qaban shira gita hirree qabuun yammuu isaan fedhii isaanii malee biyya hormaaf dalagan kan kaa'uudha.
- Barattoonni Oromoo sababa tokko malee gaaffii mirgaa gaafatanii ni hidhamu, kaan ni reebamu, kaanis lubbuu isaanii kan dhaban danuudha. Kanneen biroo immoo achi buuteen isaanii dhabameera. Hojjetaa baayyeenis haala kanaa dararama guddaa keessa jirudha.
- Sirni olaantummaa isaatiin hawaasa Oromoo hakuucaa jiru kun, Oromoon siyaasa isaaf beekaa bakka buufachuu akka hin dandeenye, adamsee qabee hidhu, ari'ee biyyaa kan baasuufi kan gidirsee ajjeesu ta'uu hubadheera.
- Diinagdee Oromiyaa quucarsuuf qaamni aangoo qabu aangoo isaa dawoo godhachuun biyyattii saamaa akka jiru, faayidaa dhuunfaa isaanii dursuun guddina hawaasichaa laamshessuun isaanii dhugaa hin haalamneedha.
- Uummanni Oromoo gita hirree qabuun hakuucamaa akka jirufi fedhii isaa malee mootummaa isa hin barbaachifne jalatti kufee kan jiru ta'uu.

5.3. Yaboo

Argannoo qorannichaa bu'uura godhachuun yaboon qorannoo tokkoo kaa'uun ni barbaachisa. Haaluma kanaan qorataanis argannoowwan armaan oliirratti hundaa'ee yaboo qorannoo kanaan akka kanaan gadiitti dhiyeesseera. Uummanni Oromoo jiruufi jireenya amansiisaa jiraachuuf, tokkummaan wal dhaga'ee dhaloota itti aanuuf riqicha bilisummaa ta'uu qaba. Sirni garboomfataa diinagdee Oromiyaa akka qabeenya ofii isaa godhatee saamaa jiru raawwatee kan dhabamu yoo; sabni Oromoo xinnaafi guddaa, beekaafi wallalaa osoo hin jedhin, kallattiifi kutaan osoo wal hin qoodin shira hacuuccaa hidda yaafate saaxilee biyyaa baasuun rakkoon hawaasichaa furmaata ni argata. Walumaa galatti haalli qabatamaan hawaasa Oromoo sabuma Oromiyaan hiika argata waan ta'eef sabni Oromoo kallatti barnootaan, qabsoon, teeknooloojiin, hawaasummaafi kan kana fakkaataniin wal tumsuu qaba.

WABIILEE

- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa yaadrimee qorannoo hujoo*. Finfinnee Adiyaamee Yoordaanos.
- Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far-East Trading P.L.C.
- Asmaroon (2006). *Oromoo Dimocracy an indigenous African political system*. Philadelphia. The Red Sea Press. Inc.
- Berhanu Matthewos. (2009). *Fundamentals of Literature*. Addis Ababa: Printed by Alpha Printers PLC.
- Cuddon, J.A.(1999). *The penguin dictionary of literary terms*. California: University of California
- Dasta Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Printed by Far East Trading PLC.
- Dutton, R. (1984). *An Introduction to Literary Criticism. England: Longman*.
- Doble B. Ann. (2002). *Theory into Practice: An Introduction to Literary Criticism*. United Kingdom: Thomson heinle.
- Eagleton, T. (1976). *Marxism and Literary Criticism*. Berkeley: University of California Press.
- Edward Ahean . (1989). *Marx and Modern Fiction*. New Haven: Yale University Press.
- Ellis M. J. (1974). *The Theory of Literary Criticism: USA: University of California Press*.
- Fedhasaa Taaddasaa (2011). *Subii:bu'uraalee ogbarruu Oromoo*. Finfinnee. Oromiyaa.
- Finnegan, R. (1978). *Oral Literature in Africa*. Nairobi: Oxford University
- Ibsaa Guutamaa, (2003). *Prison conscience*. New York, Gubirmars publishing.
- Gammachiis Fiqaaduu. (2020). *Asoosama Booree 096*. Finfinnee.
- Habib . R. A. M . (2011). *Literary Criticism From Plato the Present: An Introduction*. United Kingdom: Wiley-Blackwell.
- Klages, M .(2006). *Literary Theory. A Guide for the Perplexed*. Great Britain: Cromwell.
- Lazar G. (2009). *Literature And Language Teaching A Guide For Teachers And Trainer: United KingdomCambridge : Yuniversity Press*
- Lamlam Taayyee (2013). *Xiinxala caaseffama aangoo siyaasaa koorniyaa asoosamoota Suuraa Abdii, Hawwiifi Illaa. Qorannoo digirii Lammaaffaa*. Yuuniversity Addis Ababaa.
- Marimaa Abduu. (2011). *Asoosama Arraa Gurbaa ija yaaxxina maarkisizimiin*. Yuuniiversity Jimmaa. Kan hin maxxanfanne.

- Mario K. (2005). *An Introduction to Literary Studies*. London And New York:
- Mikaa’el Fiqremaaram. (2008) *The study of the influence of marxim on Bealu Girma’s Tree novel*; Haddis: Yekey kokeb Tiri and Derasiw
- Ngara, E. (1985). *Art and ideology in the African novel: A study of the influence of Marxism On African writing*. London: Heinman education book ltd.
- Peter, B. (1995). *An Introduction to Literary And Cultural Theory*. Manchester University press.
- Raajii Mokonnnon. (2012). *xiinxala asoosama Miila Hinshokoksine ija yaaxxina maarkisiziimiin*. Jimmaa yuuniversiitii. (kan hin maxxanfamne).
- Roberts, L. (1958) "Functional plasticity in cortical speech areas and the integration of speech." *Arch. Neurol. Psychiat. Chicago* 79: 275-283.
- Seigel Paul. (1970). *Leon tlotskyon literature and Art*. New York; Pathfinder press.
- Showaiter, E. (1971). *Woman’s libration and literature*. New York: Harcourt brace Jovanovich
- Slaughter, C .(1980). *Marxism, Ideology, and Literature*. London: Macmillan.
- Taarikuu Bantii. (2016). *Xiinxala Asoosamoota Afaan Oromoo Filataman*. Yuunivarsiitii Finfinnee (kan hin maxxafamne).
- Tyson, L. (2006). *Critical Theory Today: Auser Friendly* University press. University of Minnesota.
- Williams, R .(1977). *Marxism and Literature*. Oxford: Oxford University Press.
- Zerihun Asfaw. (1996). *Yesinetsuf Meseretaawayaan*. Addis Ababa: Benigdi Matemiyaa Dirijjiit Taattemee.
- Zoltan. (2007). *Research method in apoplied linguistics: Quantitative and mixed methodologies*: New York: Oxford Unversity Press.
- (<https://www.enotes.com>)

Dabalee

Cheeklistii Ragaan Asoosama Kanaa Ittiin Fudhatame.

Lakk	Gaaffilee xiyyeeffannoo	Yaada
1	Caasaan asoosama filatamee falaasama yookiin yaada isa kam hordofa?	
2	Ijaaramni caasaa asoosamichaa akkamitti ibsame?	
3	Barruu kana keessatti Eenyutu aangoo qaba ?	
4	Asoosama kana keessatti dhiibbaan siyaasaa uummata Oromoo irra gahaa ture maal fakkaata.	
5	Sadarkaa akkamiin namfakkiin olaanaa amantaafi jireenya qabatamaa hawaasicha keessatti jiraatee?	
6	Hirmaattootni iddoo kamirratti jireenya hawaasichaa itti dhiheenya jiraatan?	
7	Qooddattoonni akkamiitti yaad-deebii kennu? Wantoota akka jijjiiraniif maaltu taasisee?	
8	Kaka'umsi yookiin ragaan hawaasicha keessa jiru asoosamicha keessatti akkamiin hojiirra oolee?	
9	Barruu filatame keessatti dhiibbaawwan hawaasaa maaltu jira	
10	Dhiibbaan gitni cunqursaa diinagdee Oromoo irraan gahaa ture maal?	
11	Gita cunqursaafi cunqurfamaa gidduu wal diddaan ture maal fakkaata?	
12	Asoosamicha keessatti bu'aan waldiddaan dhufe maal?	

